



BARIISAA

Baga Ayyaana
Irreechaan



Bara - 47 Lak. 35 Bariisaa Fulbaana 25 Bara 2017

Sanbataa

(October 5, 2024) Qar. 10.00



“Kabajamaa Ummata Oromoo, бага bacaqii gannaa hofkoltee, booqaa birraatti baate”



- Ministira Muummee Abiyi Ahmad (PhD)

Irreechi araara; araara Waaqatu jaalata. Warri wallole haaloo qabatee malkaa hinbu’u. Irreechi hormaata-quufa! Irreechi galata! Irreechi lataadha! Lataan margaa kabajaa, jaalalafi hawwii gaarii bakka bu’a. Birraan cehumsa; waan darbe duubatti dhiifnee abdiifi waan haarawatti qulqullummaan ceena.

Kanatu duudhaa sabaa keessaa goobanee muldhata. Oromummaan kana nu barsiise. Irreechi tokkummaadha. Irreechi walooma. Malkaa irreechaarraa namni hafuufi duubatti harkifatu hinjiru. Duudhaan abboonnifi aayyonni keenya guduunfaniin nudhaalchisan loogii hinqabu. Namni hundi walqixa; namummaan nama malee hiikaa hinqabu jedhee dhugeeffata Oromoon. Malkaafi madda Waaqni uumerratti Oromoofi saboonni Itoophiyaa

Gara fuula 15tti



Daraartuu Tasfaayee dorgommii Miis Turizimii Oromiyaa injifatte

Bayyannaa Ibraahimiin

Finfinnee: Dorgommii ‘Miss Tourism’ jala bultii ayyaana Irreechaatti gaggeeffameen Daraartuu Tasfaayee injifachuun Miis Turizimii Oromiyaa bara 2017 taatetti. Edan Solomoon 2ffaa, Roobenus Abdiisaa ammoo 3ffaa bahuun dorgommicha xumraniiru.

Sima cufiinsa Torbee Turizimii Oromiyaa dheengadda Finfinneetti

Gara fuula 15tti

Irreechi tokkummaafi obbolummaa cimsuun haaromsa aadaa dhugoomsuuf shoora olaanaa qaba

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Ayyaanni Irreecha tokkummaafi obbolummaa cimsuun haaromsa aadaa mirkaneessuuf gumacha olaanaa akka qabu Hoggantuun Biiroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaa Aadde Jamiilaa Simbiruu ibsan. Irreecha bara 2017 sababeeffachuun foramiin Finfinnee, Godambaa Yaadannoo Injifannoo Adwaatti kaleessa gaggeeffameera.

Gara fuula 15tti



Obbo Shimallis Abdiisaa



Aadde Jamiilaa Simbiruu



Aadde adaanachi Abeebbe

Maxxansa Addaa

Irreechi aadaa moo amantaadha?

Waaqshuum Fiqaduutiin

Itoophiyaa keessatti sirnoota darbaniin hachuucmaa hamaa irra ga'een Oromoon aadaasaa mitii eenyummaasaa dhoksuufi lagachuuf dirqameera.

Oromoon akka dhala namaa ji'a sagalitti dhalate bineensa lagaa ba'e jechuun, saba qaroomina dimokraasii addunyaaf bu'uura ta'een osoo aadaafi amantaa qabu burjaajjii eenyummaa keessa galee boquu buusee akka jiraatu taasifamee ture. Irreecha gurraachessuufi Oromoo burjaajjessuun har'as gocha guutummaatti dhaabate waan hintaanef hubatanii hubachiisuun dirqama Oromoo maraati.

Maalummaa Irreechaa

Irreechi aadaa malkaa bu'uun yookiin tulluutti ol ba'uun uumaa tulluu, malkaa, waan lubbuu qabuufi hinqabne ittigalateeffatan malee mataasaatiin amantaa akka hintaane qorattooni Aadaa Gaazexaa Bariisaaf yaada kennaniiru. Qorataan Aadaafi Pirezidaantiin Waldaa Maccaafi Tuulumaa Obbo Dirribii Damusee akka jedhanitti, aadaafi amantii dhimmoota dugdaafi garaa ta'an osoo hintaane garaafi aannani. Aadaan taate dhala namaa hunda waan ta'eef taatee dhala namaa ammoo haala waaqeffannaan amantaa kamuu keessatti kan mul'atuudha.

Gochi dhala namaa amantaa keessatti mul'atu hundi calaqqee aadaati. Gochoonni kunneen mataasaaniin amantaa osoo hintaane kabajaafi galata uumaa kan mul'isaniidha. Irreechis akkuma nama waldaa yookiin masjiida deemee uumaa galateeffatu tulluutti yookii malkaa bu'uun galateeffachuu malee hiikkoo biroo hinqabu.



Bara 1885 mootiin Minilk Irreecha labsiin wayita dhorku sanaa as mootonni Itoophiyaafi bataskaanni, "Irreechi amantaa alaa galeedha" jedhanii; duula jabaa irratti adeemsisuun dhorkaniiru. Ta'us bara 1990moota keessa namootni shan ja'a hincaalle Hora Harsadeetti dhoksaan irreeffachaa turuu yaadachiisani; bara 1991tti sochii jabaa taasifameen namoota namoota 15 ta'an Hora Harsadeetti irreeffachuusaanii eeraniiru.

Hayyuun Seenaa Obbo Taabor Waamii gamasaaniin akka jedhanitti, Irreechiifi Sini Gadaa taatee har'aa osoo hintaane Oromoon dhaloota Kiristoos dura waggoota 6,418 kaasee kabajaa as ga'e. Aadaafi amantaan garaagarummaa mataa ofii qabu. Ta'us amantaan aadaadhaan ala geeggeeffamu hinjiru. Oromoon akka saayiinsii bishaan qaama namaafi wantootaa dhibbantaan kaa'aa osoo hintaane uumaan waan hunda bishaanirraa uume jedhee amana.

Bishaaniin ala jireenyi lubbuqabeenyi hin

yaadamu. Kanaaf, guddummaa uumaasaa mul'isuuf malkaa bu'ee uumaa galateeffata. Tulluutti ol ba'anii Waaqa galateeffachuunis guddummaa Waaqaafi hawwii olka'iisa jireenyaa mul'isa.

Institiyyuutii Qorannoofi Qo'annoo Oromootti Daarektarii Qorannoo Aadaafi Seenaa Oromoo Aadde Haliimaa Eda'oo akka jedhanitti, Oromoon Waaqa roobee biqilchee jeejee dhidhimsu, dukkana gannaarraa gara ifa birraatti uumama ceesisu galateeffachuuf malkaafi tulluutti ba'a. Irreechi Oromoo qofa osoo hintaane sabaafi sablammoota walitti fidaa jira.

Oromoon saba guddaa sirna waaqeffannaan mataasaa qabudha. Har'a amantaa garaagaraa hordofus aadaa, afaaniifi eenyummaasaarratti ilaalchaafi ejjennoo walfakkaatu calaqqisiisa. Oromoon amantaa Kiristaanaas ta'e Islaamaa yookiin kanneen biro hordofu haala waaqeffannaasaan, akkataa nyaataa, dubbannaafi uffannaasaan aadaasaa mul'isa .

Amantaa kam keessattuu aadaan saba sanaa mul'achuun dirqama. Kana jechuun aadaan Uumaa bakka bu'a jechuu miti. Gabaabummatti aadaa alatti amantaa yaaduun rakkisaadha. Kanaafuu, Irreechi faajjii tokkummaa Oromoota maraati.

Muuxannoon Addunyaa hoo maal fakkaata?

Ameerikaa dabalatee biyyoota 50 olitti aadaan Irreecha fakkaatu kan itti waaqa galateeffatan ni adeemsifama. Hundaa ol sagantaa waaqa galateeffannaan akka Irreechaa kan sadarkaa adduunyaatti hedduumina hirmaattotaan olaanaadha jedhamu kan hirmaattota miliyoona lama hammatu Biraazilitti ni adeemsifama. Garuu ammoo Irreechi hirmaattota miliyoona shaniifi sanii ol hammata.

Oromoon haala kamiin Irreecha simachaa jira?

Obbo Taabor akka jedhanitti, Oromoon marti, keessumaa Oromoon Tuulamaa dhiibbaa sirnaa bulchiinsaafi dhaabbata amantaatii burjaajjii hamaa keessa seenee ture. "Nutii Tulluu Cuqqaalaa Bataskaana dhaabnaan seexanni Hora Finfinnee scene" jechuun warra Hora Harsadee deemuu yaalanis reebaafi hidhaa turan. Faallaa kanaan amantaati humnaan amantaati cafaquu bira darbani Oromummaasaa akka dhoksuufi saalfatu taasisan. Har'a garuu Oromoon daba kaleessaa hubatee aadaasaa kan ta'e, Irreecha miliyoonaan ba'ee kabajaa jira.

Duudhaalee Irreechaa kabajamuu qaban

Akka Hayyootni kunneen jedhanitti, osoo abbaan malkaa malkaa hinsaaqii irreeffachuun, daa'imman dhiiraa waggaa kudhanii, durboota duudaa, dubartoota dura irreeffachuun, haaloo qabatani malkaa bu'uun, osoo booruun hinbaqaqii irreeffachuufi malkaa boora'etti irreeffachuun aadmale.

"Irreechi jaalalaafi tokkummaa obboleewwanii cimsa"

- Jila Keeniyaa

Gammachuu Kadiriin

Obbo Diimaa Hasan Keeniyaa Mombaasaarraa Ayyaana Irreechaa Bara 2017, Fulbaana 25 Hora Finfinneefi Fulbaana 26 ammoo Bishooftuu, Harsadeetti kabajamurratti hirmaachuuf jila obboleewwan Keeniyaa miseensota 60 of keessaa qabu dursuun Roobii galgala Finfinnee galan. Garee isaan dursanis Oromoo Ormaa, Waataa, Booranaa, Sahawuye, Gabra, Reengilleefi jaalattoota Oromoo gosa Kikkuyuu kan hammateedha.

Obbo Diimaan yeroo sadaffaaf ayyaana Irreecha irraatti hirmaatan. Yaada Gaazexaa Bariisaaf kennaniin akka jedhanitti, Oromoo bakka jireenyaatu adda fageesse malee ummata nuti tokko. Waggoota muraasaa as ayyaanni Irreechaa fuulaan, aadaafi eenyummaadhaan akka walbarru taasiseera. Tokkummaan Oromoo maraas akka cimuta'era.

"Gara fuulduraatti walitti dhufeenyi keenya ayyaana Irreecha qofarratti hundaa'uu hinqabu. Oromoon bal'aa waan ta'eef Fooramii Oromoo idil addunyaa (International Oromo Forum) hundeeffannee guutummaa addunyaarratti jaalalaafi tokkummaa keenya cimsuu qabna. Yeroo ammaa kana Keeniyatti Ormaa

Kaalacharaal Feestivaal (Orma Cultural Festival) jechuun ayyaana Irreechaa Taanaarivaa irratti bara 2016 irraa eegalee ayyaanefachuun eegalameera. Kan baranaa Onkololeessa 26-27 ayyaanefachuuf qophiirra jirra" jedhu.

Jilli isaanii dargaggoota, jaarsoliifi hawwan qabatee waan dhufef muuxannoo kana Keeniyatti hojiirraa oolchuun dhaloo itaanuttu dabarsuuf gumaacha qaba.

Yaada Jaarsolii jila Keeniyaa

Obbo Nurowuu Mahadimaa gamasaaniin, "Irreecha guddaa akkasitti Oromoo walitti qabu hinbeekuun ture. Kan namoota yartuun darbee darbee mul'atu Keeniyatti argeera. Amma garuu erga ganna sadii asi obboleewwan keenya irraa wanti argaa jirru ajaa'ibsiisaadha.

Irreechi Oromooloondukaagodaanuudhaan Afrikaarra faca'e walitti qabuun, fuulaan walbarsiisuun jaalalafi nageenyaa cimsaa jira. Daldalaan, walkeessa deemuun tokkummaa Oromoo cimsuuf gumaacha olaanaa qaba. Nutis waan asiitti argine Keeniyatti geessinee qabatamaatti hojiirraa oolchuun dhaloota itaanutti akka ce'u taasisuuf waliin hojjechuu qabna" jechuun yaada kennu.

Moyyaalee Keeniyaa Marsaabeeti

Kaawontii irraa kan dhufan Obbo Ibraahim Guyyoo, hanga magaalaa Finfinnee seenanitti obboleewwan isaanii daandiirratti ba'uu isaan simachuufi jaalala qabaniif isaanitti mul'isuu himu.

Irreechi, fageenyi tokkummaa ummatootaa akka adda hinbaafne kan isaanitti mul'ise ta'uu himanii, Oromoon hundi bakka jirutti duudhaasaa ganamaatti akka deebi'uuf karaa akka saaqu dubbatu.

Keeniyatti garee dubartoota Bakkalchaa irraa Aadde Tume Dootii ayyaana Irreechaa akka kana arganii akka hinbeekneefi Oromummaan bareedina akka ta'e kan itti argan ta'uusaatiin daran gammaduusaanii ibsu. Oromoo faca'ee walirraa fagaate walitti sassaabuun tokkummaa akka cimsuufi Oromoon asitti isaan waame gara Keeniyaa dhufuun isaan waliin ayyaana Irreechaa akka ayyaanefatan fedhiisaanii guddaa ta'uu dubbatu.

Aadde Zaharaa Jumaa Keeniyaa Moyyaalee irraa ayyaana Irreecha obboleeyyan isaanii waliin hirmaachuu akka dhufan eeranii, duraan waa'ee Irreechaa dhaga'uu malee arganii akka hinbeekneefi amma garuu Oromoo bal'aa ta'uu arguusaanii ibsu. "Irreechi Oromoo cufa kan walitti qabuudha. Keeniyatti lafa qabsiisuun obboleewwan keenya as jiran waliin akka ayyaanefannuuf



Obbo Diimaa Hasan

waan barbaachisu ni taasisna" jedhu.

Irreechi Oromoo cufa walitti fiduun jaalalafi gammachuu nuuf fidaa jiraachuusaatiin ittigamadeen jira kan jedhan ammoo Aadde Raaliyaa Ibraahimi. Oromoon Keeniyaa Itoophiyaa jiru aadaan isaa walfakkaataa ta'uu kaasanii, faayaawwan kanneen akka kalloofi saqaafi kanneen walisaan fakkeessan hedduu jiraachuu dubbatu.

Maxxansa Addaa

Irreechi biyyarra darbee addunyaatti akka mul'atuuf hojii bal'aatu hojjetame

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Ayyaanni Irreechaa biyyarra darbee addunyaatti akka mul'atuuf Giddugalli Aadaa Oromoo hojiiwwan bal'aa hojjechaa jiraachuu daarektarii olaantuun giddugalichaa Aade Makkiyyaa Jamaal beeksisan.

Aade Makkiyaan hojiiwwan giddugalichi Irreechaa mul'isuuf hojjetete ilaalchisuun ibsa Kibxata darbe Gaazexaa Bariisaaf kennaniin, giddugalichi aadaa Oromoo baroota dheeraaf awwaalamee ture iddoosaatti deebisuufi beeksisuuf hojiiwwan bal'aa hojjechaa jira.

Seenaa, aadaafi duudhaa Oromoo awwaalamee ture keessaa Irreechi isa tokko waan ta'eef biyyarra darbee addunyaatti akka beekamuuf xiyyeeffannaa guddaan kenneeffii hojjetamaa jira.

Akka ibsasaanitti, kaayyoon hundeeffama Giddugalli Aadaa Oromoo aadaan, seenaan, duudhaafi aartiin Oromoo dhokatee ture ifa ba'ee akka guddatuuf bara 1997



hundeeffame. Kaayyoo hundeeffameef galmaan ga'uuf dameewwan guguddoo sadii Tiyaatiraafi Muuziqaa, Godambaafi Mana Kitaabaarratti xiyyeeffachuun hojiiwwan guguddoo hojjechaa jira.

Rakkoolee baroota dheeraa damee tiyaatiraafi muuziqarra ture furuuf Baandiin Biiftuu Oromiyaa akka hundeeffamu ta'e. Baandichi tiyaatiraafi muuziqaa Oromoo awwaalamee ture ifa baasuun hojii bal'aa hojjeteeera. Hojiin kun gara fuulduraatti cimee akka ittifufu himanii; tiyaatirriifi muuziqaan duudhaalee Irreechaa akkasumas kaarnivaala zoonii, fiilmii, faaruu, goobee, shinooyyee, dabalatee aadaan ummataa ifatti akka mul'atu taasifamaa jira jedhan.

Dabalataanis, daawwattoota Irreecha kabajuuf biyya alaafi keessaa dhufan bashannansiisuuf giddugalichatti koosartii muuziqaa, tiyaatiraafi faaruwwan garagaraa qophaa'uu himanii; gama nyaataatiin rakkoo jiru furuuf waldaalee gurmeessuun keessumaa nyaanni aadaa Oromoo qophaa'ee keessummeessuuf qophiin xumurameera.

Akka ibsasaanitti, Oromoon falaasama mataasaa qaba. Akka falaasamaatti seenaa, aadaafi duudhaa ittiin jiraachaa ture qaba. Bu'aaleen falaasamaa kunneen baroota

dheeraaf awwalamani turan ifa akka ba'anii giddugalicha keessatti godambaa guddicha hundeesseera.

Seenaa, aartii, uffannaa, midhaan, albuuda, qorichaafi kanneen biroo ummati Oromoo ittifayyadamaa ture godambicha keessatti walittiqabamuudhaan daawwattoota biyya keessaafi alaan akka daawwatamu taasifaamaa jira.

Hanga bara 2016 godambichi daawwattoota biyyaa keessaafi alaa kuma 401fi 052 kan daawwatame ta'uu himanii; bara 2017tti daawwattoota biyyaa keessaafi alaa miliyoona tokkoon akka daawwaatamuuf karoorfamuu ibsanniiru.

Akka waliigalaatti Biiroo Aadaafi Tuurizimii Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee waliin ta'uun ayyaanni Irreechaa duudhaasaa eeggatee addunyaatti beekamee akka kabajamuuf seekteroota hunda waliin qophii gahaan taasifameera. Ayyaanichi ayyaana gaarii akka ta'u hawwii qaban ibsanniiru.

Irreechi Ayyaana Oromoo hundaati

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Irreechi Ayyaana saba Oromoo maraafi qabeenya waloo ta'uu Abbootiin Gadaa beeksisan

Walitti Qabaan Gumii Abbootii Gadaafi Abbaan Gadaa Maccaa Warqinaa Tarreessaa yaada Kibxata darbe Gaazexaa Bariisaatiif kennaniin akka jedhanitti, Irreechi guyyaa galateeffannaa Oromooti, ganni dhoqqee, lolaafi rooba waan qabuuf, akka garaatti manaa bahani galuuf fira ofii gaafachuuf rakkoo waan ta'eef ganni dukkanatti fakkeeffama. Kanaaf, hawaasni Oromoo yeroo Waqtii Gannaatii gara Birraatti cehu бага nagayaan ganna baate waliin jedha. Waaqa nagayaan bacaqii gannaa keessaa gara booqaa birraatti isa baase gamtaadhaan galateeffachuuf waqtii Birraaf immoo Waaqasaa kadhachuuf malkaatti walgahe Irreecha kabaja.

Yommuu kadhatus mataasaatif qofa osoo hin taane biyyaaf, lubbu qabeeyyiifi lubbu dhabeeyyii hundaaf, walumaagalatti, uumama hundaaf kan kadhata ta'uu himanii; Ayyaanni Irreechaa duudhaafi safuu waan qabuuf kadhannaan taasifamuus karaa duudhaafi safuusaatiin yoo taasifameen alatti dhageetti hin argatu jedhaniiru.

Irreecharratti qofa osoo hin taane Oromoon waan hundarratti safuufi safeeffannaa qaba. Irreeffannaadhaaf Abbaa Malkaa dura malkaa hin bu'an, Abbaan malkaas irreeffachuun dura malkaa irreechaa qulqulleessuu qaba.

Irreechi ayyaana Oromoo maraati malee qomoo tokkoo miti jedhanii; Irreecha amantiifi siyaasatti dhiibuun sirrii miti. Sababa hubannoo dhabuufi itti yaadani irreecha balleessuuf yaaduutiin irreecha gartokkotti dhiibuun ni mul'ata.

Irreechi nagaya, namni irreecha kabajuuf deemu jalqaba mataasaatti, araaramuun maatiifi ollaasaa gidduutti nagaya buusuun,



Abbaa Gadaa Warqinaa Tarreessaa



Abbaa Gadaa Abdurrazaaq Ahmad

nama kam faanallee muuffii hin qabu yoo ta'e, nama isatti dhiyaatu waliin eebbifatee manaa baha. Kun ammoo irreechi namoota dhuunfaa gidduutti ta'ee biyyaaf nagaya buusuuf gahee guddaa akka taphatu taasisa. Kanaaf, Irreechi mallattoo nageenya, jaalalaafi tokkummaati jedhama.

Barreessaan Gumii Abbootii Gadaa



Abbaa Gadaa Ahimad Mahaammad



Haadha Siinqee Nuuree Wanfar- Waaqoo

Oromoofi Abbaan Gadaa Afran Qalloo Abdurrazaaq Ahimad gamasaanitiin akka jedhanitti, namni Ayyaana Irreechaa kabajuuf manaa bahu nama hundaaf gaarii hawwuun, bineensa bosonaafi uumama hunda kunuunsuu kabajuu akka qabu duudhaan irreechaa ni dirqamsiisa.

Gara fuula 18tti

Irreechaafi uffannaa aadaa Oromoo

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Uffatni Aadaa Oromoo safuufi duudhaa Oromummaatiin qophaa'uu akka qabu Dizayinarootni uffata Aadaa beeksisan.

Dizaayinarootni kunneen turtii Gaazexaa Bariisaa waliin taasisaniin akka jedhanitti, ummatni Oromoo fedhiin inni uffannaa aadaasaatiif qabu yeroodhaa gara yerootti dabalaa jira. Haaluma walfakkaatuun dhaabbileen uffata aadaa Oromoo qopheessanis baay'innisaanii dabalaa jira.

Uffatni qophaa'us ammayyaa'aa jira jedhanii; dhaabbileen uffata qopheessan tokko tokko garuu, ammayyumaafi bareedina uffatichaa malee aadaa Oromoo faana hidhata uffatichi qabu yaada keessa osoo hin galchin qopheessanii gabaadhaaf dhiyeessaa jira.

Hundeessaafi Abbaan Qabeenyaa Lammii Dizaayinar Lammii Guddataa akka jedhanitti, uffanni aadaa Oromoo gabaa biyya keessattis ta'ee gabaa alaatti baay'ee barbaadamaa jira. Keessumattuu yeroo cidhaafi ayyaana Irreechaa gabaansaa daran dabala. Hojii dhabdoota hedduufis hojiin uffata aadaa Oromoo carraa hojii uumaa jira.

Hojiin uffata aadaa hojii daldalaaf qofa hojjetamu osoo hintaane hojii eenyummaa ofii beeksisuuf hojjetamu ta'uu himanii, yeroo ammaa galteewwan uffata aadaa hojjechuuf oolan gatiinsaanii gabaarratti dabaluurraan kan ka'e gatiin uffata aadaa dabalaa jiras jedhaniiru.

Gara fuula 18tti



**“Affeerraa
Pirezidaantii Naannoo
Oromiyaa kabajnee
dhufnee, gara hojii
investimatiittis lufne”**

- Aadde Fatiyaa Awwal ('Schubart')
Diyaaspoora Oromoo biyya Jarman

fuula **12**



**“Falaasama
Irrjechaarratti
hubannoo uumaa
jirra”**

- Obbo Taabor Waamii

fuula **10**



**Uffannaa, qabannaafi
dubbannaa Malkaaf
toluun Irreeffachuu**

fuula **17**



**“Waaqayyo
gurraacha
kan jedhaniif
qulqullummaasaa
agarsiisuufi”**

- Pirofesar Tasammaa Ta'aa
(Yunivarsitii Finfinneetti
Barsiisaa Seenaa)

fuula **6**

Maxxansa Addaa

“Waaqayyo gurraacha kan jedhaniif qulqullummaasaa agarsiisuufi”

- *Pirofesar Tasammaa Ta'aa*
(*Yunivarsitii Finfinneetti Barsiisaa Seenaa*)

Charinnat Hundeessaatiin

Waggoota jaarraa walakkaa ta'aniif otoo hin nuffiin barsiisaniiru, Keessumaa Yunivarsitii Finfinneetti barnoota Seenaatiin namoota baay'eeseenaadhaan ga'oomsanii eebbisiisaniiru.

Barattoonnisaanii dhaabbilee barnoota olaanaa adda addaatti barsiisaa jiru. Hayyuu cimaan kun yeroo ammaas barattoota digrii 2ffaa 3ffaa barsiisaafi gorsaa jiru; Pirofesar Tasammaa Ta'aa.

Pirofesar Tasammaa Ta'aa dhalatanii kan guddatan Godina Wallagga Bahaa, Ganda Jaatoo jedhamtuufi naannawa Magaalaa Naqamteetti argamtutti.

Gaazexaan Bariisaa ayyaana Irreechaa sababeeffachuun gaafdeebii itaanu isaan wajjin taasisneerraa dubbisa gaarii.

Bariisaa: Yeroon ummanni Oromoo Irreecha itti eegale beekamuu baatus iddoonsaa addatti beekamaa laata?

Pirofesar Tasammaa: Ummanni Kuush sulula mormor keessa jiraataa waan tureef Irreecha waggaa waggaadhaan naannawaa laga sanatti kabajataa akka ture seenaan ni ibsa. Hiddiwwan Kuush bakkeewwan garagaraatti faca'anii argamanis biyyoota Afrikaa biroo keessatti akkasuma ni kabaju.

Haala kabaja kana keessatti Oromoon hidda Kuush keessaa isa ijoo waan ta'eef Sirna Gadaatiin jiraataa ture. Oromoon haala jireenyasaa (Siyaasa, dinagdeefi hawaasummaasaa) hunda kan calaqqisiisu sirna gadaatiin yoo ta'u, sirna sana keessaa inni guddichi Irreechadha. Irreechi ammoo icciti bal'aafi gadi fagoo qaba. Ummata biroo wajjin hariiroo uumuun kan danda'amu Irreechaani.

Irreecha yaada muraasaan ibsuun hindanda'amu. Yaadrimeen isaa bal'aa yoo ta'u, kan kabajamu waggaatti si'a lama kabajama. Inni tokko Irreecha Malkaa yoo ta'u, innis bishaan jireenya waan ta'eef laga yookiin malkaa biratti bishaan bu'uura godhachuun kan kabajamudha. Inni lammaffaa Irreecha Tulluu yoo ta'u, tulluun lafa ol ka'iinsa qabu waan ta'eef ummanni Oromoo tulluurratti argame bakka Waaqa itti waamudha.

Waaqni humna guddaa kan qabu, bakka hundatti kan argamu, Waaqaafi lafa akkasumas wantoota irra kan jiran kan uume yoo ta'u, kan waaqessanis isuma jechuudha. Waaqa Tokkicha kan jedhamus kanaafi.

Waaqa Gurraacha yommuu jedhan, Waaqayyo qulqulluudha jechuufi. Halluuwwan jiran keessaa gurraachi ifaafi qulqulluu ta'uun ni amanama. Gama biraatiin ammoo bishaan jireenya kan kennuufi bakka guddaa kan qabudha. Waaqayyoon kan galateeffatanis sadarkaa



Roobni darbee lagni guatee erga hir'atee booda bakka jiranii ba'anii Irreechaarratti walargu

sanaani.

Yeroo ganni dhufu rooba gaarii akka isaaniif kennuuf achirratti kadhatu. Tulluurra ba'anii roobni akka roobu, yeroo roobaa guddaa sanaaf akka ce'umsaatti akka isaaniif ta'uuf Waaqa kadhatu. Roobni gannaa guddaan ji'a Waxabajjii irraa eegalee waan jalqabuuf qonna kan qabu gara ooyirusaatti bobba'a. inni loon horsiisuus akkasuma.

Ganni roobaan waan dabaalameef laggeen ni guutu; sababa kanaan ummanni akka garaasaatti walarguu hindanda'u. Firri

fira gaafachuu hindanda'u. Kanarraa kan ka'e ganni yeroo dukkanaati jedhamee amanama. Hammam illee walarguun dadhabamuus, rooba isaaniif kennameetti fayyadamuun hojii isaanii sirnaan waan raawwataniif gara bonaattu ce'uuf abdi qabu.

Roobni darbee lagni guatee erga hir'atee booda bakka jiranii ba'anii Irreechaarratti walargu. Irreecha kabajuuf laga bu'uun torban lama dura qophiin taasisan ni jira. Qophiin kun yoo waldhabdeen jiraate araaramuufi laphee ofii qulqulleessuun

dirqama; haaloo qabatanii Irreecha deemuun hindanda'amu.

Irreechi kan kabajamu sirna hordofuuni. Fuuldura kan deeman dubartoota. Kan itti aanu Haadholuu Siinqeedha. Isaan booda Abbootiin Gadaa ni hordofu. Yeroo dhiyoo asitti osoo hinbeekiin naamusa sirnichaa kan cabsan ni jiru; amma garuu sirreessaa jiru.

Irreechi, bara mootummaa Atsee Hayilasillaasee, Abbaa Mudaatiin Hora Finfinneetti kabajamaa ture. Haa ta'u malee mootonni yeroo sanaa Abbaa Muudaa dirqisiisani naannawaa sana gadhiisiisaniiru. Kanarraa kan ka'e Hora Finfinneetti Irreechi kabajamuu hafe; Suuta suuta Hora Arsadiin bakka hundatti kabajamuu eegale.

Sirni Irreecha kan waraabamu Sirna Gadaa keessaati. Sirni Gadaa ammoo eenyuun illee hintuqu. Gadaa keessa dhaabbileen jiru. Fakkeenyaaf, dhaabbileen guddifachaafi moggaasaa ni eerama. Fakkeenyaaf, guddifachaa jechuun daa'ima guddisuu, nyaachisuufi akka kan ofiitti ilaaluuudha. Moggaasaan akkasuma.

Sirnichaa ilaalchisuun kanneen seeneffama sobaa seenassan jiru; Seeneffama sobaasaaniif garuu waan wabii isaaniif ta'uu homtuu hinjiru.. Keessattuu wantoonni fuula marsariitii hawaasaa irratti barreeffaman yoo ilaaltee isa ani dubbadhallee haala barbaadaniin jallisanii odeeffannoo dabarsuu danda'u.

Bariisaa: Duudhaaleen Irreechaa maal fa'i?

Pirofesar Tasammaa: Wanti guddaan Waaqayyoof galanni kan itti dhihaatudha. Mallattoo tokkummaati jechuudha. Bishaan kan calaqqisu jireenya. Sababni isaas afaaniifi aadaa hunda keessatti

Gara fuula 7tti

Maxxansa Addaa

“Waaqayyo gurraacha kan jedhaniif...”

amantiin adda addaa waan jiruuf. Namni tokko Kiristaanas, haa ta’u Islaama amanti waan biraati; Irreechi waan biraati. Irreechi akka aadaatti namoota kan walitti dhiheessuufi saboota hunda kan walargarsiisudha. Fakkeenyaaf sablammiilee naannolee Itoophiyaa Kibbaafi Itoophiyaa Kibba Lixaa Oromoo wajjin Irreecha kabajuuf nidhufu.

Irreechi kan qaama tokkoo qofa otoo hintaane kan warra kaaniis waan ta’eef hammattummaadhaan kan beekamuudha.

Gama dinagdeetiinis Irreechi gumaacha olaanaa qaba. Bakka namoonni ittiwalargan waan ta’eef waa bituufi gurguruun bal’inaan jira. Irreechi gama yaada waljijjiruutiinis qoodnisaa olaanaadha. Iddoo odeeffannoo ittiwaljijjiraniidhas.

Irreechi yeroo abdiin ittihoratamuudhas. Namoonni Waaqa guutiinsa laga yeroo gannaa; qilleensa, lolaafi rooba yandoo jalaa isaan baaseef galata dhiyeessanii egereef ammoo abdiin ittihorataniidha. Ganni darbee sanyiin facaasan akka ija godhatuuf yeroo ittiwaaqasaanii abdataniidha.

Duudhaan Irreechaa humna. Irreechi Irreedha. Irreechi anniisaadha. Sababiinsaas ummanni bakka jiruu walittidhufee oggaa iddoo galanni ittidhiyeeffamutti argamu humna guddaa ta’a. Garuu humni kun hammeenyaaf kan hiriire otoo hintaane galateeffannaaf, obbolummaafi tokkummaafi.

Waaqeffannaan Kiristaana, Islaamummaa hinjibbu. Amantiileen kunniinis akkasuma Waaqeffataa hinjibban. Irreechaan aadaadha. Akkan artikilii koo tokko keessatti eeretti sababiin Islaamumaafi Kiristaanni Waaqeffannaa fudhataniif waan Waaqayyoo tokko jedhaniifi. Waaqayyoo tokkicha. Abbaan, Ilmiifi Hafuurri Qulqulluun tokko.

Akka barnoota Yesuus Kiristoos keessatti eerametti ammoo “Akkuman abbaa koo keessa jiraadhu; abbaan koos ana keessa jiraata. Isinis ana keessa jiraattu; abbaa koo keessas nijiraattu” jedha.

Ani kanin baradhe mana barnootaa miishinii Makaana Yesuusitti. Kanaafuu, kanin guddadhe faarfannaa faarfachaafi sagalee Waaqayyoo qooddachaati. Kanin jiraadhes Waaqayyoo galateeffachaati. Misiyoonna yeroo sana nu barsiisaa turan oggaa mana keenyatti sirni Irreechaa adeemsifamu dhufaa akka turan nan yaadadha.

Kanaafuu, Irreechi aadaa amanti wajjin walhinfalleesineedha. Hariiroonsaas sirrii kan ta’eefi haala aadaa kan kabajuudha. Akka Macaafni jedhuttis Kan Qeesaar Qeesaariif, kan Waaqayyoo Waaqaaf.

Ayyaanni Irreechaa aadaafi duudhaa warrarraa gara ijoolleefi ijoollee ijoolleetti darbuudha. Sirnisaa ammoo kan nagaati. Jiddugaleessi Irreechaa galataafi nagaadha. Irreechi hamileedha. Irreechi aadaa walkabajuuti. Sirna namoonni guguddoon kabajamaniifi bakka maluuf

ittiqabataniidha. Foolleewwan eegdota sirna kanaati. Irreecha keessa shirri hinjiru.

Aadaan Irreechaa otoo kan sirna hinqabu ta’ee ummatuma Oromootiin bada ture. Sirni waggoota kumootaaf kabajamaa dhufe shira, otoo akeeka nama abaaruufi balleessuu of keessaa qabaatee har’a addababa’iitti hinarginu ture.

Otoo xiyyeeffannaansaa kana ta’ee silaa Oromoon ofumasaatiif balleessa ture. Garuu Irreechi aadaa galata, tokkummaafi obbolummaa of keessaa qabu waan ta’eef akka waggaa waggaaadhaan dhufu barbaadama.

Kanaaf Irreeffattootaan, “Maree hoo... maree hoo...jedhamee faarfata. Akkana jedhanii faarfachuun waggaa waggaaadhaan deebi’ii koottu jechuudha. Kanaafuu, akka waggaa waggaaadhaan deebi’ee nuu dhufuuf hawwiidhaan eegna. Nutis Irreecha kabajaa ijoollee keenyas nibarsiisna. Akka ittifufus ni barbaadna.

Bariisaa: Qaamoleen tokko tokko Irreechi sirna galataa ta’uu hubachuu dhabuurraa kan ka’e Waaqeffannaa ormaa wajjin oggaa walqabsiisan dhaga’amu. Sirni Irreeffattooni marga qabatani malkaa bu’aa raawwatan maalinni?

Piropesar Tasammaa: Akkuman duraa ibsuu yaale bishaan jireenya. Margi lalisaa coqorsa jedhamu jira. Margi kun mallattoo bal’achuu, misoomuufi guddachuutisi. Margichaafi daraaraa adaa qabatani bishaan cuuphaa warra kaanittis facaasu.

Fakkeenyaaf qeesonni yeroo ayyaana Cuuphaa bishaan amantootatti ni facaasu. Aadaa Irreechaa keessattis akkasuma marga lalisaa bishaan cuuphuun facaasu. Kun kan agarsiisu bishaan jireenya taa’uusaati. Mallattoo jiraachuutisi. Marga lalisaa harkatti qabatani turan mallattoof akka ta’uuf achuma kaa’u malee waaqeffannaa addaa tokkollee hinqabu.

Jechisaanii kun ammoo kan seenarratti hinhuudoofneefi qo’annoodhaan hindeeggaramneedha. Oggaa yaa Waaq jedhan kan galateeffatan Waaqa malee lagicha miti. Lagicha kan uume Waaquma mataasaati. Galata kan dhiyeessan Waaqa lagicha uumeefi. Margichaafi abaaboo qabatan dabalatee waan lubbuu qabus ta’e hinqabne kan kenneef Waaqayyoo galateeffatu malee uumama miti.

Marga lalisaa bishaan cuuphanii kan facaafamuuf akka galateeffannaaf mallattoo ta’uufi. Galannisaaniis ta’e kadhaansanii akka jiidha hindhabneefi. Bishaan ammoo namas ta’e loon kan jiraachisuu danda’u bu’uura jireenyaati jechuuf Waaqa waan bu’uura jireenya ta’e kana kenneef irradeddeebiidhaan galateeffatu. Yeroo ittaanuttis omisha gaarii akka kennuufiif nikadhatu. Waliigalaan Irreechi sirna galanni ittidhayaatuudha.

Tokko tokko harkasaanii namoota kaanirra kaa’anii oggaa kadhatan ykn fannoo dhungachiisan bakka bu’ummaansaa Waaqayyoo ta’uu yaaduun ta’uun kan beekamuudha malee Waaqeffannaa ormaa akka hintaane Irreechaanis sirnasaa keessatti kan Waaqayyoo ittigalateeffatamuudha.

Bariisaa: Akka Irreechi madda turizimii ta’uuf eenyurraa maaltu eegama?

Piropesar Tasammaa: Irreechi akka hinkabajamneef sadarkaa mootummaafi moototaatti dhorkamaa ture. Irreechi durumaa qabee kabajamaa kan tureefi aadaa qulqulluu waan ta’eef qo’annoof ittifayyadamu. Turistoonni ammoo aadaa akka Irreechaa qo’annoodhaan deeggarame ilaaluuf hawwu. Akkuma beekamu Irreecharratti kan mul’atu uffannaafi haala dhiyeessii nyaatawwan adda addaati. Meeshaaleen aadaa gara garaas nimul’atu.

Sababuma kanaan qalbii turistootaa hawwata. Turistiin aadaa kana ilaaluufi irratti hirmaachuuf gara biyya keenyaa waan dhufaniif turizimii olkaase jechuudha. Kanaaf Irreechi madda turizimii isa guddaadha jechuudha. Kun ammoo abbaa aadichaas ta’e biyyaaf faayidaa olaanaa argamsiisa.

Bariisaa: Sirna kabaja ayyaana Irreechaa keessatti galanni Waaqa Gurraachaaf kennama jedhama. Waaqa Gurraacha jechuun maal akka ta’e otoo nuu ibsitanii?

Piropesar Tasammaa: Waaqni Gurraachi agarsiistuu qulqullinaati. Gurraachi kabajamaa ta’uu kan agarsiisuudha. Waaqayyoo Gurraacha kan jedhaniif qulqullummaasaa agarsiisuufi. Waaqayyoo hafuura. Kanaafuu hinmul’atu. Waan gurraacha ykn dukkana harkaan qabachuun hindanda’amu. Dhoksaadha. Kanaafuu, Waaqayyoo bakka hunda kan jiruudha. Kan yoomiyyuu ittiqaqqabuun hindanda’amneefi humna qabeessa jechuufi.

Bariisaa: Duudhaa guddaa Irreechaa caalaatti kan waloofi hammataa gochuuf eenyurraa maaltu eegama? Keessumaa hayyoonni seenaa akka keessaniirraa maaltu eegama?

Piropesar Tasammaa: Miidiyaaleen hawaasaa tokko tokko oggaa aadaa Irreechaa waan hintaane wajjin walqabsiisan mul’atu. Kun ammoo tattaaffii aadicha kan hundaa gochuuf taasisamaa jirurratti dhiibbaa qabaata. Kanaafuu, aadaan Irreechaa waaqeffannaa ormaa akka of keessaa hinqabne barsiisuu barbaachisa.

Keessumaa miidiyaan humna guddaa waan qabuuf isa sirriifi dhugaa ummata biraan gahuu qaba. Keessumaa qaamoleen waa’ee Irreecharratti haala hinmalleen barreessaniifi dubbatan waa jiraniif seenessa sobaa akkanaa sirreessanii ummataaf dhiyeessuu barbaachisa. Aadaan Irreechaa hanga har’aatti turu

kan danda’eef duudhaalee gaarii waan of keessaa qabuufi.

Oromoon amalumsaatiin hammataadha. Aadaa hawaasa kaanii kan dhiibu miti. Ummata duudhaa guddifachaafi moggaasaatiin jiraateedha. Sirna Gadaa kan hordofu waan ta’eef jaarimiyaalee guguddoo of keessaa qaba.

Gamtaa hawaasa kaan wajjin qabus har’a kan dhufe otoo hintaane durumaa qabee kan tureedha. Kanaafuu, aadaan Irreechaa Oromoon kabaju Waaqayyoo galateeffachuun ala kan faallaa kanaa dhaabate miti.

Hunduu amantaa ofiisaa qaba; aadaan ammoo kan walooti. Aadaan ni dhaalama. Hunduu ayyaana kana Oromoo wajjin kabajuuf yoo dhufe waan walfalleessu hinqabu. Sababiinsaas Irreechi aadaa tokkummaa, nagaafi waantota gaarii ta’aniif kan dhaabate waan ta’eefi. Irreechi kan galateeffatuufi abdatu Waaqa.

Kanaafuu, hayyuun barreessuufi barsiisu hundi sirriidha jedhanii goolabuun hindanda’amu. Garuu waan hintaane barreessanii ummata dogogorsuun sirrii miti. Kana malees hojiisaaniif wabii sirriin waan hinjiraanneef amanamoo mitin jedha.

Irreecha keessa sobni hinjiru. Hafuura keessa taa’anii kan galateeffatan Waaqa. Irreechi aadaa daran badhaadhe waan ta’eef jibbamuu hinqabu. Kan Oromoo qofa jedhamee dhiibamuus hinqabu. Qaamoleen dhimmicha siyaasa gochuuf fedhan garuu hinjiran jechuun hindanda’amu.

Dhumarrattis ergaan dabarsu barbaadu Irreechi amma kabajamaa jiru gara fuulduraattis nageenyummaafi qulqullummaasaa eegee akka ittifufuufi kabajamuuf hunduu qoodasaa bahachuu qaba kan jedhuudha.

Ummanni sirna kabajamaa kanarratti hirmaatu fakkeenya nageenyaa ta’uun irraa eegama. Dhimma nageenyaarratti warra kaaniif fakkeenya ta’uu qaba. Dargaggoonni, ga’eessoniifi maanguddoonni ayyaanicharratti hirmaatan akkuma haala umriisaaniitti walkabajuu qabu.

Keessumaa dargaggoonni hangafootasaaniif kabaja kennaa naamusa eegani ayyaanichi mudaa tokko malee nagaqabeessa ta’ee akka xumuramuuf qoodasaanii bahachuu qabu.

Keessumaa keessummoota miira, “Aadaan keessan aadaa keenya” jechuun ayyaanicha kabajuuf dhufaniif ulfina kennuun dagatamuu hinqabu. Kunis keessummoonni kunniin yeroowwan ittaanattis irra deddeebiin akka dhufan waan taasisuuf ga’eesaanii gumaachuu qabu.

Bariisaa: Ibsa bal’aa nuu kennitaniif galatoomaa.

Piropesar Tasammaa: Isinis carraa naa kennitaniif ulfaadhaa.

Ijoo Dubbii

Irreechi Irreecha milkii haa ta'u

Irreechi mallattoo nageenyaa, araaraafi obbolommaati; ibsituu abdiifi hawwii gaariiti; duudhaa galateeffannaa Oromooti; calaqqee sirna Gadaati; mallattoo tokkummaafi eenyummaati; waltajjii tokkummaafi miidhagina sabaafi sablammootaati; guyyaa haaromsaa, abdiifi ce'umsaati.

Akkasumas Irreechi araara, galata, kadhannaadha, nageenya, jaalala, gaaddisa namummaati, bu'uura sabboonummaa Oromooti, guddina hawaas dinagdeeti, agarsiistuu guddummaa Oromooti, qulqullummaati.

Egaa Irreecha duudhaalee hedduu qabu kana ummanni Kuush Sulula Mormor keessa jiraataa waan tureef Irreecha waggaa waggaadhaan naannawaa laga sanatti kabajataa akka ture seenaan ni ibsa. Hiddiwwan Kuush bakkeewwan garagaraatti faca'anii argamanis biyyoota Afrikaa biroo keessatti akkasuma ni kabaju.

Haala kabaja kana keessatti Oromoon hidda Kuush keessaa isa ijoo waan ta'eef Sirna Gadaatiin jiraataa ture. Oromoon haala jireenyasaa hunda kan calaqqisiisu Sirna Gadaatiin yoo ta'u, sirna kana keessaa inni guddichi Irreecha. Irreechi ammoo icciti bal'aafi gadi fagoo qaba. Ummata biroo wajjin hariiroo uumuun kan danda'amu Irreechaani.

Irreecha yaada muraasaan ibsuun hindanda'amu. Yaadrimeensaa bal'aa yoo ta'u, kan kabajamu waggaa si'a lama. Inni tokko Irreecha Malkaa yoo ta'u, innis bishaan jireenya waan ta'eef laga yookiin malkaa biratti bishaan bu'uura godhachuun kan kabajamudha. Lammaffaan Irreecha Tulluu yoo ta'u, tulluun lafa ol ka'iinsa qabu waan ta'eef ummanni Oromoo tulluurratti argame Waaqa kadhata.

Waaqni humna guddaa kan qabu, bakkawwan hundatti kan argamu, Waaqaafi lafa akkasumas wantoota irra jiran kan uume yoo ta'u, kan waaqessanis isuma jechuudha. Waaqa Tokkicha kan jedhamus kanumaafi.

Waaqa Gurraacha yommuu jedhan, Waaqayyo qulqulluudha jechuufi. Halluuwwan jiran keessaa gurraachi ifaafi qulqulluu ta'uun ni amanama. Gama biraatiin ammoo bishaan jireenya kan kennuufi bakka guddaa kan qabudha. Waaqayyoon kan galateeffatanis sadarkaa kanaani.

Kanaaf ayyaanni Irreechaa duudhaawwan adda addaatiin badhaadhee har'aafi boru Finfinneefi Bishooftuuti kabajamu ummata Oromoo maraafi hirmaattota ayyaanichaa maraaf kan gammachuu, kan milkiifi kan nagaan haa ta'u.

Irreecha keenya haaromsa aadaa keenyaaf

Ummanni Oromoo ummata aadaa, safuu, sirna, seeraafi heera ummaticha bira darbee addunyaa kana boonsu hedduu qabu keessaa Ayyaanni Irreechaa isa tokko. Irreechi ayyaanota Afrikaa guguddoo jiran keessaa isa tokko yoo ta'u biyya keenyattis ayyaanota namoonni miliyoonotaan ba'anii kabajan keessaa isa hangafa.

Jaarmiyalee Sirna Gadaa keessaa tokko kan ta'e ayyaana Irreechaa ummatni Oromoo garaagarummaa umurii, amantii, siyaasaafi koorniyaa tokko malee ba'ee iddoo filatamaa (qulqulluu) ta'e tokkotti argamuun Waaqasaa galateeffata. Ayyaanni Irreechaa waggaa yeroo lama kan kabajamu yemmuu ta'u, ummatni Oromoo waqtii birraa malkaa bu'ee sanyii faca'e Waaqni waan biqilcheefi akkasumas bacaqii gannaa keessaa gara booqaa birraatti waan dabarseef, Umaasaa galateeffata. Gama biraatiin ammoo waqtii Arfaasaa caamsaadhaan akka hinmiidhamne, akkasumas roobni akka roobuuf tulluutti ba'ee Waaqasaa kadhata.

Oromoon duudhaalee nagaan, araaraa, jaalalaafi obbolommaa ijaaran hedduudhaan kan badhaadhe yemmuu ta'u, ayyaanni Irreechaas duudhaalee kanneeniin kan guutameedha. Waggoota muraasaa as ayyaanni Irreechaa jila Oromoo qofa ta'uu bira darbee jila Oromoo sabaafi sablammootaa ta'uun saboota biroo biratti kabajamaa waan jiruuf, tokkummaafi obbolommaa sabaafi sablammootaa cimsaa jira.

Haaluma kanaan Ayyaana Irreechaa bara 2017 mataduree, "Haaromsa aadaa keenyaaf" jedhuun karaa sonaafi duudhaasaa eeggateen har'aafi boru kabajamu kun haaluma eegalameen akka xumuramuuf hunduu gumaachuu qaba.

Maxxansa Addaa

"Baga Irreecha, guyyaa galataatiin isin gahe"

- Komishiinar Araarsaa Mardaasaa, Hogganaa Biroom
Bulchiinsaafi Nageenya Oromiyaa

Ummanni Oromoo Sabaafi Sablammoonni biyya keenyaa hundi бага booruu gannaa hoofkaltanii taliila birraatti bahuun guyyaa kabaja ayyaana Irreecha hora Finfinneefi hora Harsadii bara 2017 nagaan geessan jechaa ayyaanichi kan nagaan, kan tokkummaafi kan gammachuu akka isiniif ta'un hawwa.

Ayyaanni Irreechaa ummata Oromootiif mallattoo nagaan, jaalalaa, abdiifi tokkummaati. Akkuma beekamu ayyaanni kun ayyaana waaqa uumaatiif galata itti galchaniidha. Ayyaana kanarratti xiqqaafi guddaan, dhiiraafi dubartiin, akkasumas sabaafi sablammoonni kan hirmaatan yoo ta'u, maanguddoonnis akkas jechuun waaqa kadhata "Waliigaltee nuufaa kennu, Waliigalee nuufaa toluu" jedhu.

Irreechi ayyaana ummata Oromoo qofa osoo hintaane ayyaana waloo ummataafi sabaafi sablammoota biyya keenya hundaa ta'aa dhufee jira. Kanaafuu ayyaana waloo keenyaafi ibsituu eenyummaafi tokkummaa keenyaa ta'ee kana wayita kabajnu walhubannaafi duudhaafi safuu keenya karaa eegeen ta'uu qaba. Ayyaanni Irreecha hora Finfinneefi hora Harsadii bara kanaa rakkoo nageenyaa tokko malee karaa nagaafi jaalalaatiin kabajamee akka xumuramuuf gama mootummaafi caasaalee nageenyatiin qophiin gahaan taasifamee jira.

Haata'u malee ammas abbaan nagaan Ummataafi hirmaattota ayyaanicha hunda waan ta'eef ayyaanni kun karaa nagaafi tokkummaa keenya ibsuun kabajamee akka xumuramuuf iddoo sochoonu hundatti nageenyummaa ayyaanichaatiif gahee keenya haa baanu jechuudhan dhaamsa koo dabarsuun barbaada.

Abbootiin Gadaafi haadhooliin siinqeetis bifa aadaafi duudhaa Oromoo calaqqisiisuun dargaggootaafi qaama ayyaanicharratti hirmaatan dura bu'uun qajeelchudhaan gahee keessan akka bahattan carraa kanaan gaafachuun barbaada.

Hirmaattotni ayyaanichaatis yeroo irreeffaannadhaf gara malkaatti deemnuufi deebinu baay'ina namootaa irraa ka'uun rakkoon akka hin uumamneef walcaqasuufi walhubachuun iddoo waliif kennuudhaan ayyaanichaaf miidhagina haataanun jedha. Haaluma walfakkaatuun qeerroofi qarreewwan keenya hundi ayyaana Irreechaa bifa miidhagina qabuun kabajuun keessan akkuma eegametti ta'ee guyyaa kana ambaasaadaroota nageenyaa ta'uudhan ayyaanichi karaa nagaafi tasgabbiin akka kabajamuu akka taasiftaniif dhaamsa koo isiniif dabarsuun barbaada.

Keessumaa abbootii gadaafi haadhooliin siinqee, daa'immaniifi qaamolee biroo dursi kennamuufii qabuuf dursa kennuudhan ta'uu qaba. Gama biraatiin lootee galtootni nagaafi tokkummaan uummataa isaanitti hin tolle ayyaanicha irratti rakkoo nageenyaa akka hin umneef iddoo sochoonu hundatti wal mil'achuufi qaamolee nageenyaatiif



abbootuufi iddoo shakkii qabnuttis eeruu haa kenninu.

Sabaafi sablammootaafi lammiilee biyya alaa kabaja ayyaana Irreechatiif dhufanis бага guyyaa Irreecha bara 2017 geessanii nagaan dhufatan jechaa, ayyaanni Irreechaa ayyaana tokkummaafi waloomaa keenya ta'uu isaa hubattanii ayyaanicha nu waliin kabajuuf dhufuu keessaniif ulfinni uummatniif mootummaan Naannoo Oromiyaa isiniif qabu ol'aanadha.

Ayyaanicha yeroo waliin kabajnu nageenyummaa keenyaaf bifa qindoomina qabuufi walhubannaadhan socho'uun aadaafi duudhaa keessan gammachuufi yaaddoo tokko malee ibsachaa turtiin isin kabaja ayyaanichaatiif uummata Oromoo waliin taasistan kan milkiifi kan nagaan akka isiniif ta'un hawwa.

Qaamoleen Nageenya Federaalaafi naannoo keenyatis ayyaanonni ummataa guguddoon sadarkaa biyyaafi naannootti hirmaattota miliyoonan lakka'aman keessummeessuun kabajaman karaa nagaan akka xumuramaniif gahee bakka bu'ummaa hin qabne bahachaa jiraachuu keessaniif galata guddaan isiniif qabu ibsaa, ayyaanota uummataa guguddoo kanneen akka ayyaana bara haaraa, Mowliidaafi Masqalaa irraatti muxannoo horattaniin ayyaanni Irreecha hora Finfinneefi hora Harsadii bara kanaatiis tumsaafi qindoomina keessaniin karaa nagaan akka xumuramuu abdi guddaan qaba.

Hirmaattotni ayyaana Irreecha hora lamaanii heddumina waan qabaniif bifa bilchina qabuufi of eeggannoodhan nageenyummaa isaa irratti hojjachuu barbaada. Ummanni hedduun nagaan barbaadu akkuma jiru qaamni rakkoo uumuuf socho'us hin dhabamu waan ta'eef ofeeggannoofi naamusa ol'aanadhaan hojii nageenya mirkaneessuu hojjachuun murteessaadha.

Walumaagalatti ayyaanni Irreecha hora Finfinneefi hora Harsadii baranaa karaa nagaafi tokkummaa ummata keenyaa ibsuun akka kabajamuuf qaamoleen dhimmi ilaallatuufi hirmaattotni ayyaanichaa hundi gahee keenya haa baanu jechaa irra deebiin maqaa kootiifi maqaa Biroom Bulchiinsaafi Nageenya Oromiyaatiin бага geessan ayyaana gaarii nuuf haa ta'un jedha.



Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'e.
Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Piresii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii
1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata
Piresii Itoophiyaa
Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22
Email :- epa@press.et

Gulaalaan

Charinnat Hundeessaa
Lak.Bilbilaa 011-126-42-08
chhundessa@yahoo.com
email-cherenethundessa@press.et

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

Qopheessitootni:

Saamraawit Girmaa
Natsaannat Taaddasaa
Bayyanaa Ibraahim
Waasihuun Takilee

Adeemsisaa Hojii

Bil. 011-126-42-22

Kutaa Beeksisaa:

Bil. 011-156-98-73

Raabsa Gaazexaa

Bil.011-157-02-70

Faaksii Kutaa Qophii

251-011-1-5698-62

L.S.P 30089

email-bariisaa@press.et



Ethiopian Press Agency

Maxxansa Addaa



Mallattoo Nageenyaa, Araaraafi Obbolummaa kan ta'e Ayyaana Irreechaa



Maxxansa Addaa

“Falaasama Irreechaarratti hubannoo uumaa jirra”

- Obbo Taabor Waamii

Waasihun Takileetiin

Obbo Taabor Waamii Hayyuu Seenaa Oromoon qabu keessaa isaan tokko yoo ta’an. Godina Shawaa Kibba Lixaa, Aanaa Sabbataa Hawaas, Ganda baadiyyaa Doobbii jedhamutti dhalatanii guddatan. Yunivarsitii Finfinneerraa barnoota Seenaatiin Digrii jalqaba kan qaban yoo ta’u, hayyuu biyyoota akka Jarmaniifi Keenyaarraas poostigiraaju’et dippiloomaawwan lama dhuunfataniidha.

Quuqamni dhimma Oromoofi Oromummaa keessasaanii kan bule Obbo Taabor, seenaafi aadaa Oromoo Amaariffaan barreessuun Oromoon ummata dimokraatawaa, qarooma, sabboonaa walqixxummaafi dimokraasiitti amanu; uumaafi uumamaaf kabaja qabu ta’uu ashaaraa hindabarreefi seenaa dhugaa kitaabota shanirra qubachiisuun hayyuu dirqama Oromummaa bahataa jiraniidha.

Kitaabilee seenaafi aadaa Oromoo shan kan barreessan Obbo Taabor, yeroo ammaa Giddugala Qorannoo Oromoo keessa hojjechaa, seenaa hafe barreessaa, beekumsa hindulloome dhaloota hidhachiisaa Oromoofi Oromummaa olkaasaa jiru.

Kabaja ayyaana Irreechaa bara 2017 ilaalchisuun turtii Gaazeexaa Bariisaa waliin taasisaniin aadaan, duudhaan, falaasamniifi sirnoonni Oromoo addunyaaf galtee dimokraasiifi qaroominaa ta’anii kan tajaajilan yoo ta’u, kanneen ayyaanotaafi aadaa dimokraatawaa kana cilee dibuuf yaalan akka jiran kaasu.

Ayyaanota akka Sirna Gadaa, Irreechaafi kanneen biroon qaroomina Kuush keessumaa ummata Oromootiin sirriitti kunuunfamaa as gahe kanaaf kabaja Oromoo dabalatee ilmaan Kuush qaban olaanaa ta’us warreen ilaalcha jibbaan guutamaniin ilaalchi ayyaanota akka Irreechaa cilee dibuuf yaaliin taasisamaa ture hammaataadha jedhu.

Oromoon waggaa akkaakuuwwan Irreechaa lama kan gaggeessu yoo ta’u, isaanis Irreecha Malkaafi kan Tulluuti. Irreechi Malkaa waggaa waggaa bacaqii gannaarraa gara ifa birraatti ce’uu sababeeffachuun sirn galateeffannaa Oromoon malkaatti bahee gaggeessu yoo ta’u, kan galateeffamu Waaqa malkaa uume sana malee malkaa miti. Akka ibsa Obbo Taaboritti Oromoon malkaatti bahee akka hinirreeffanneef sirnoonni darban dhiibbaa aadicha balleessuu hanga ajjeechaa qaqqabsiisaa turan.

Ta’us Oromoon aadaafi duudhaasaatiif kabaja guddaa waan qabuuf qabsoo hadhaa’aa taasisaa sirna gadaa, qabiyyee sirna gadaa keessaa tokko kan ta’e Irreechas tikfachaa dhaloota har’aatiin gaheera.

Dhiibbaa ormoonni aadaafi duudhaa Oromoo kana balleessuuf qaban daran hammaataa tureef Irreecha akka amantaatti

ykkn ammoo akka hamaa waaqessuutti cilee dibuun sirna kana gufachiisuuf yaalii guddaa taasisaa turaniiru.

Oromoon garuu ummata qarooma, walqixxummaatti amanu, uumaafi uumamaaf kabaja qabuufi dimokraatawaa waan ta’eef aadaafi duudhaansaa dhiibamaa ture akka agartuu ijasaatti kunuunsuun har’a ijaafi gurra addunyaa keessa seenee miilli hundi gara Itoophiyaatti akka imaluuf sababa ta’uu Obbo Taabor nikaasu.

Ayyaanni Irreechaa sirna galateeffanaati. Kan galateeffatamus waaqa tokkicha malee uumama miti. Sirna galateeffannaa Waaqa Malkaafi Tulluu uume jedhamee adeemsifamuudha. Sabaafi sabalammiin hordoftoonni amantaalee garagaraa uffata aadaafi sirboota aadaasaaniin dabalaniin dhiichisaafi garmaamaa mareewoo... jechaa waggaa waggaa horaafi malkaatti bahani dukkanaafi bacaqii gannaarraa ifa birraatti bahuu galateeffatu.

Aadaan Irreechaa kaleessa, dheengadda dhiibbaa sirnootaatiin ukkaamsaa jala ture har’a Oromoorra darbee ilmaan Kuush darbees kan sabaafi sabalammiilee biyya keessaafi lammiilee biyya alaatiin haala ho’aadhaan yeroosaa eegee kabajama.

Gadaan dhoksaan Irreecha irreeffatan hundi qabsoo hadhaa’aa ilmaan Oromoon keessumaa erga qeerroofi qarreen qolatamee mootummaan jijjiiramaa gara aangooti dhufee Horri Finfinnee waggootaaf cufamee ture saaqameera. Horri Harsadii dhoksaan itti irreeffatamaa tures ifatti karaa hunda hirmaachiseen gaggeeffamaa jira. Kun bu’aa jijjiiramaa yeroo ammaa dhaloonni keenya dhandhamaa jiruudha.


Cunqursaafi dhiibbaa Irreechaafi sirnoota Oromoo gara garaarra turan furamaa dhufanis warreen kaleessa, dheengadda aadicha balleessuuf kaka’aa turan humnaan dadhabnaan Irreechi akkana, akkasi jedhanii oggaa maqaa gurraachessuuf tattaafatan mul’atu jedhu Obbo Taabor.

Oromoon ummata aadaafi duudhaasaa kaleessa qabsoo hadhaa’aa keessa taa’ee kunuunfatee safuusaatiif bakka guddaa kennu waan ta’eef ilaalcha akkanaarratti hubannoo uumaa deemuun barbaachisa. Irreecha agarsiistuufi calaqqee walqixxummaa tokkummaafi jaalalaa ta’e kanarratti hojii hayyoonni aadaafi seenaa xiyyeeffannaan hojjetaniin hubannoon uumamaa akka deemu Obbo Taabor ni dubbatu.

Mootummaan jijjiiramaas aadaafi duudhaa ummata Oromoo akkaataa barbaadameen guddisuufi addunyaatti beeksisuuf hojiilee guguddaa hojjechaa jira.

Baay’inni tuuristoota gara Itoophiyaatti dhufanii Irreecharratti hirmaatanii waggaa waggaa dachaan dabalaa jira. Hunduu uumaasaa galateeffata.

Aadaan Irreechaa hunda hirmaachisa.



Amantaadhaan aadaadhaan lagaan hinqoodu. Martinuu uffata aadaasaaniin faayamanii duudhaasaa eeganii irreeffachuun sirbanii dhiichisanii gammachuusaanii dhandhamanii manasaaniitti galu.

Oromoon ummata sirna gadaatiin, Irreechaafi aadaawwan kaaniin qarooma; hundumas osoo ilaalchaan adda hinbaasiin hammatee hirmaachisuun jaalalaafi obbolummaasaa agarsiisaa jira.

Kanarraa kan ka’e biyya keessaa ilmaan sabaafi sablammiilee marti, jiloonni Afrikaarraa, Awurooppaarraa, Eeshiyaarraa babbahan ayyaanicharratti hirmaachuun irreeffataa jiru. Aadaa, duudhaa, sirbootaafi uffata aadaasaaniin faayamanii of beeksisuun gammachuusaanii kan itti dhandhaman yoo ta’u, Oromoon hammataa ta’uusaatiif taateewwaan kunniin agarsiistuu guddaadha.

Egaa dargaggoonnis ta’an hayyoonni keenya imaanaa guddaatu harkasaanii jira kan jedhan Obbo Taabor; aadaa Irreechaa kana kunuunsanii duudhaaleesaa sirriitti kabajani galme ‘UNESCO’rra qubachiisuuf tattaaffiiwwan jalqabaman cimani ittifufuu akka qaban dubbatu.

Aadaafi duudhaa abbootiin keenya gatii qaali hanga aarsaa lubbuu gaafatu ittikaffalanii asiin gahan kana osoo hinfaaliin, irraa hin hanbisiin dhaloota dhufutti dabarsuuf darbees addunyaatti beeksisuun guddummaa Oromoo beeksisuun dirqama.

Dhaloonni ammaa haala mijataa mootummaan jijjiiramaa uumaa jiru kanatti fayyadamee aadaafi duudhaa abbootiisaarraa dhaale guddisuu, beeksisuufi hanqinoota mudataniratti hubannoo uumaa ittifufuusiin irraa eegama.

Irreecha har’aafi boru Finfinneefi Bishooftuutti kabajamaa jiruufi kabajamurratti keessummoonni biyya keessaafi alaa bal’inaan argamaniiru. Itoophiyaafi Oromiyaanis nooruu jedhanii simataniiru.

Erga irreeffatanii booda bakka tokkotti wlittiqabamanii agarsiisawwan gara garaa gaggeessuun waleebbisaniin walgaggeessuun barbaachisaafi dhimma fuulduratti xiyyeeffannoo argachuu qabu ta’uus Obbo Taabor kaasaniiiru.

Oromoon sirna Gadaa haalaan qindeeffachuun ‘UNESCO’rratti galmeessiseera. Qabiyyeewwan Sirna Gadaa keessaa tokko kan ta’e Irreechas galmeessisuuf yoomuu caalaa cichee hojjechuu qaba. Hayyoonni seenaa, qorattoonni ammallee dhimma Irreechaarratti ittigaafatamummaa guddaa qabu.

Hanqinoonni mul’atan yoo jiraatan hubannoo uumuun nurra jiraata kan jedhan Obbo Taabor; isaan gamasaaniin quuqamaafi kabaja Oromoof qaban qabatamaan agarsiisaa jiraachuu eeru. Hayyoonni kaanis dhimma kanarratti qorannaa gaggeessuun ijaafi gurra addunyaa biraan ga’uun waaltessuu qabu.

Maxxansa Addaa

“Irreecha galmees ‘UNESCO’rratti galmeessisuuf hayyoonni hojjechuu qabu”

- Hayyoota Yunivarsitiiwwan
Arsiifi Bulee Horaa

Waasihun Takileetiin

Dhimmi aadaa dhimma cenyummasaa waan ta'eef kabajni Oromoon sirna Irreechaaf qabu olaanaa ta'uusaatiin dhiibbaa sirnoota darbaaniif osoo hinjilbeeffatiin dhaloota qubee har'aa qaqqabuu Yunivarsitii Arsiitti Barsiisaan Afaan Oromoofi Qorataan Ogbarruu Doktor Fiqaaduu Qana'aa ibsan.

Mootummaan jijjiiramaa gara aangoothi dhufuun walqabatee Horri Finfinnee bakkasaa ganamaatti deebi'eera; lammiileenis tokkummaan malkaatti bahanii irreeffachaa jira. Irreechi aadaa waaqeffattootaa qofa godhanii Oromoon amantii biraa hordofu akka hinirreeffanneef olola sobaa afarsaan jiraatus fudhatama hinqabu jedhu.

Akkuma baaqela keessa baaqelaan budaa jiru darbanii darbanii aadaan Oromoo akkaan guddachaa dhufuun itti amantaan walqabsiisuuf akka yaalanis eeranii, “Aniifi maatiinkoo amantaa mataa keenyaa qabaannus ayyaana Irreecharratti Hora Finfinnee deemnee Waaqa keenya galateeffachuuf qophiidha. Sababnisaa kan galateeffamu Waaqa itti amanannedha malee malkaa waan hintaaneeff” jedhan.

Wayita guddummaan Irreechaa olka'ee mul'ateefi biyyoonni Afrikaafi Lixaa irratti hirmaachaa jiran kanatti Oromoon amantaan aadaan, lagaan osoo walhinqoodiin malkaasaatti bahee ayyaanasaa miidhagfachaa, isa waa'ee ayyaanicharratti hubannoo hinqabne hubachiisaa deemuu qaba jedhan.

Irreechi Hora Finfinnee jaarraa tokkoofi walakkaaf cufamee ture saaqamuun, kan Harsadiis ifatti karaa hunda hirmaachiseen gaggeeffamuunsaa kan nama gammachiisuudha jedhu.

Irreecha kana waggaa waggaa kabajuu qofti gahaa miti kan jedhan Doktor Fiqaaduu; hayyoonni yunivarsitii, qorattooni aadaa qorannoo gadifagoo taasisuun akkuma Sirna




Gadaa ‘UNESCO’tti galmeessisuuf tumsuu akka qaban dhaamaniiru.

Yunivarsitii Bulee Horaatti Barsiisaa Sooshaal Antiropolojiifi Diiniin Inistiitiyuutii Gadaafi Qorannoo Aadaa Obbo Sorraalee Jiloos gamasaaniin Irreechi ilmaan Oromootiif sirna galateeffannaa dukkanarraa ifatti bahuu, dhiifama walii taasisanii malkaarratti uumaasaanii galateeffatanidha jedhu.

Akka ibsasaaniitti, namni kamuu wallollee, haaloo qabatee malkaa bu'ee galateeffachuu akka hindandeenye duudhaan Irreechaa ni ibsa. Jibbaan guutamanii malkaatti bahanii galateeffachuun hindanda'amu. Irreechi qaroomina Kuush Oromoon cichee qabatee asiin gahatedha. Sirmi kun kan Uumaan ittigalateeffatamuudha malee uumanni itti galateeffatamu miti.

Bu'uuruma kanaan hordofaan amantii kamuu malkaatti ba'ee irreeffachuu danda'a jedhanii; warreen amantiidha jedhan, warreen waa'ee Irreechaa sirnaan hinhubanne ta'uu malu jechuun ibsaniiru. Baay'inni namoota ayyaanicharratti



Doktor Fiqaaduu Qana'aa



Obbo Sorraalee Jiloo

waggaa waggaa hirmaatanii dabalaa dhufuun agarsiistuu guddummaa sirnichaa kan agarsiisuudhas jedhan.

“Nuti, Oromoon hayyoota guguddoo biyyaaf

abdii ta'an waan qabnuuf akkuma Sirna Gadaa ‘UNESCO’tti galmeessisne kan Irreechaa milkeessuuf tumsa barbaachisu taasisuun barbaachisa” jedhaniiru.

Diyaaspooraa ayyaana Irreechaa miidhaqsuuf gara biyyaa dhufan keessaa


Bayyanaa Ibraahimiin

Irreechi baranaa haala adda ta'een akka kabajamuuf diyaaspooraan biyya alaa jiru hundi gara biyyaatti dhufee qe'ee abbaasaatti ayyaana irreechaa akka kabajuuf Pirezidaantiin Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa affeerraa taasisanii turan.

Waamicha biyyaa biraa hafuun akka duudhaa, safuufi safeeffannaa aadaa Oromooti kan hin yaadamne waan ta'eef torbanoota lamaan ayyaanicha dura turan kanneen keessaafi lammiileen diyaaspooraa waamichaaf awwaatanii ayyaanicharratti hirmaachuuf gara biyyaatti galaniiru.

“Namni biyyi tun barsiiftee jireenya fooyya'aafi biyyoota guddatan akka jirataaniif daandii itti agarsiifte nama waamtee biraa hafuu jechuun akka waan haati ofii rakkatee nama waammattee biraa hafuuti.

Waamicha mootummaan nuu taasisa fudhannee ayyaana saba guddaafi mallattoo nageenyaa ta'e kana kabajuuf yemmuu gara biyyaatti dhufnu immoo guyyoota lamaan ayyaanicharratti dabarsinu cinaatti, rakkoon



biyyattii keessa yeroo ammaa jiru maal akka ta'eefi diyaaspooraan biyyoota gara garaa jiraatu kallattii kamiin dhimma kanarratti gaheesaa bahachuu akka qabu hoggantoota mootummaa waliin mari'achuufis qophooftaneerra”

- Pirofesar Zannabaa Kinfoo;
Diyaaspooraa Raashiyaarraa dhufan

“Waamicha mootummaan naannoo Oromiyaa ayyaanicharratti akka hirmaannuuf nuu taasisa fudhannee yemmuu dhufnu, ayyaanicha kabajnee galuuf qofa osoo hintaane, investimantii biyya kanatti eegallus karoofannee hojii keessa galuuf qophooftanee dhufne. Ani akka diyaaspooraa tokkootti Hoteela


guddaa tokko kan sadarkaasaa eeggate Finfinneetti ijaarsisaa miidhagina yeroo ammaa magaalattiin gonfachaa jirtu keessatti shoorakoo bahachuuf tattaaffii eegaleera”

- Obbo Hayilayasuus Mangistuu;
Diyaaspooraa Ameerikaa,
Magaalaa Kaalifoorniyarraa dhufan.

“Itoophiyaan biyya baredduufi jireenya dhala namaatiif filatamtuu ta'uushee carraa ayyaana irreechaa kanatti fayyadamnee namoota biyya kana hinbeekne barsiisuun hojii guddaa diyaaspooraa hundarraa eegamuudha.

Anis akka nama Ispoorteesaa kubbaa harkaa tokkootti carraa namoota hedduu damee ispoortis ta'e sanaan ala jiraniin walqunnamuu waanin qabuuf akka isaan dhufanii qabeenya uumamaa Itoophiyaan qabdu daawwataniifi keessattuu Finfinnee yeroo ammaa magaalota mimmiidhagoo addunyaa keessaa tokko ta'uuf tattaafachaa jirtu tana akka daawwataniif waan narraa eegamu ni bahadha”

-Dargaggoo Ofran Deloo diyaaspooraafi taphataa kubbaa harkaa biyya Jaarman



Maxxansa Addaa

“Afeerraa Pirezidaantii Naannoo Oromiyaa kabajnee dhufnee, gara hojii invastimatiittis lufne”

- Aadde Fatiyaa Awwal ('Schubart')
Diyaaspoora Oromoo biyya Jarman

Bayyanaa Ibraahimiin

Dubartii dhalootaan kutaalee Oromiyaa gara garaarraa dhalattee gosoota Oromiyaa walitti hiitee horatte. Intala abbaa Arsichaafi Haadha Tuulamaarraa; Ardaa Boorantichaafi ulaa Oromiyaa kibbaa, Mooyyaletti dhalatte. Sababa qabsoo Oromootiin biyyaa baqachuuf dirqamtee gaafa injifannoon sabichaa dhufutti immoo waamicha biyyaa fudhattee hojii invastimantii keessatti hirmaachuuf murteeffatte, intala jirtuu, mucattii cimtuu.

Heeruma daheeffattee sababa dhugaa qabsoo Oromoo abbaanshee keessatti hirmaachaa tureen gara Jarmaniitti kan imalte Ganyaana gaaddisa qabdu tun, erga biyyaa baatees biyya jirtu sanatti Oromoo mataa walittiqabuufi gaafa rakkootti dursitee awwaachuudhaan intala fakkeenyummaa qabduudha.

Oromoo biyya Jarmaniitti iddoo walga'ii dhabeef mana dhuunfaashee gadi lakkisuurraa hanga nama hoteelatti cidha godhachuun itti ulfaateef manashee gumaachuutti, ummata Oromoo Baaleefi Booranatti sababa ongeetiin miidhameef hawaasa hirmaachisuun deeggarsa hatattamaa dhiheessuutti, gumaata namummaatiin intala horooma horattee kabaja argatte.

Ganyaana fakkeenya diyaaspoora jaalalaafi quuqama biyyasaa qabu taate tuniifi ammaan tana immoo waamicha Pirezidaantiin Mootummaa Naannoo Oromiyaa Diyaaspooraan Oromoo biyya ormaa jiru gara biyyaa dhufee ayyaana Irreechaa barana biyyatti akka kabajuuf affeeran fudhachuun dursitee gara biyyaatti imalte eebba Fiilmii Ateete fa'as midhaagsitee, akkasumas hojii invastimantii keessa galuudhaan biyyasheetiif waa gumachuuf kutatte tun mallattoo arjoomaafi gaaddisa walga'ii hawaasa Oromoo biyya Jarman kan taate, Aadde Fatiyaa Awwal ('Schubart').

Dhimmoota waamicha Pirezidaantii Naannoo Oromiyaa Diyaaspooraaf taasisaniifi kanneen biroorratti turtii gabaabaan Gaazexaan Bariisaa Aadde Fatiyaa waliin taasisa akka itaanutti dhihaata.

Bariisaa: Mee iddoo dhaloota keessaniifi haala ittiin biyyaa baatanirraa haa kaanuu?

Aadde Fatiyaa: Hayyee bareeda. Ani Dhaloonni koo Godina Booranaa, Magaalaa Mooyyaletti yemmuu ta'u, haadha warra Tuulamaafi Abbaa Warra Arsiirraan dhaladhe.

Haala ittiin biyyaa baherratti immoo yeroo sanatti haalli siyaasaa biyya kana ulfaataa ture. Nutis Mooyyaletti dhalachuun keenya qabsoo kana itti dhiheenyaa akka hordofnuuf carraa waan nuu kennee tureef ijoollummaatti siyaasa keessatti hirmaachuu eegalle. Kanaaf sababni heeruma ta'us dhiibbaan siyaasaa yeroo sana ture akka biyyaa bahuuf na dirqamsiisee waan tureef haaluma sanaan gara Jaarmanitti godaanne jechuudha.

Bariisaa: Yeroo Jarman geettan sana hawaasni Oromoo achi ture hangam gurmuu qabaayyu?

Aadde Fatiyaa: Dhugaa dubbachuuf yeroon biyya sana dhaqu Jarman qabsoo Oromoo ni gargaarti waan jedhamu waanin dhagaheef



ummanni achi jirus gurmuu cimaafi tokkummaa waan qabu natti fakkaata ture.

Garuu dhugaan ture hawaasni adda faffaca'ee qabsoorraayyis abdi waan kutate fakkaata ture. Boodarra garuu eegalamuun qabsoo qeerroo biyya keessaafi sosochiin 'Oromoo First' fa'a hordofee bara sana dargaggootni Oromoo sammuuksaan bilisooma baay'inaan Jarman galuunsanii gurmuun Oromoo biyya sana akka cimuuuf shoora guddaa taphateera. Anis akka intala Oromoo tokkootti qabsaa'ota hangafoota waliin ta'uudhaan waan humnikoo heeyameen hawaasa sanaaf socho'aa tureera.

Bariisaa: Biyya sanatti ummata Oromoo walitti qabuuf hanga manni dhuunfaa kee galma walga'ii akka ta'uuf oolchuutti gumaachaa akka turte quba qabna waan ta'eef mee kanarratti waa nuun jedhaa?

Aadde Fatiyaa: Dhiifama naa godhiitti ani waan darberra waan gara fuula duraatti hojjatamuu qaburratti xiyyeeffachuun barbaada. Garuu erga nagaafattee ani akka carraa ta'ee waanin mana bal'aafi mijataa qabuuf hawaasni achi jiru galma walga'ii kireeffate maallaqa guddaa baasuura akka ittifayyadamuuf heyyameera. Kana qofaa osoo hintaane namootni dhimmoota gara garaa kanneen akka gaa'elaafi sagantaawwan biraatiif yoo na gaafatan manni koo banaadha.

Kunis akka intala Oromoo tokkootti dirqama narraa eegamu bahachuu kooti malee waanin ittiin jajamu ta'uu hinqabu jedheen yaada. Kanaaf ani kaayyoo xiyyeeffannoon koo waanin hanga ammaatti hojjadhe caalaa kana booda karaalee gara garaatiin sabaafi biyyakoo gargaaruudha.

Rakkoofi dhiibbaan siyaasaa dur biyyatti dalagannee buluu nu dhorge sun waan har'a hinjirreefi mootummaan siyaaspooraan gara biyyaatti dhufee hojiiwwan misoomaa gara garaarratti akka hirmaatuuf carraa bal'aa waan kenneef carraa kanatti fayyadamee gara hojii invastimantii keessa galuudha.

Bariisaa: Mee afeerraa Pirezidaantiin Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa ayyaana irreechaa gara biyyaa akka dhufaniif diyaaspooraaf dhiheessanii turan akkamitti ilaaltan?

Aadde Fatiyaa: Afeerraa kabajamoo Obbo Shimallis Abdiisaa diyaaspooraan gara biyyaatti dhufee ayyaana Irreechaa akka kabajuuf dhiheessan gammachuu guddaanin fudhadhe. Maaliif yoo jette, yeroon amma keessa jirru

kun yeroo itti biyya ofii irraa itti qoolifatan osoo hintaane, haalonni mijatoon hedduu waan uumamaniif yeroo itti diyaaspooraan hundi biyyasaa cinaa itti dhaabachuu qabuudha jedheen yaada akka nama tokkootti.

Kana qofas osoo hintaane yeroo ammaa diyaaspooraan Oromoo ta'e saba biraa kan biyya ormaa jiru kamuu biyya jirutti Ambaasaadara Itoophiyaa ta'ee hojjachuu qaba. Ummanni diyaaspoora gaafa qabsootti biyya ofii keessa jiraatutti karaawwan gara garaatiin qabsoo sabaatiif deeggarsa taasisaa ture sun har'a immoo gara biyyaatti dhufuudhaan beekumsaafi maallaqa horateen invastimantii keessa galuu qaba.

Bariisaa: Kanaafuu ayyaana Irreechaa qofaaf soo hintaane hojii invastimantii biyya kanaa keessa galuufis karoofattanii dhufan jechuudhaa?

Aadde Fatiyaa: Eeyye. Dhufaati keenna isa yeroo ammaa kanaatiif sababni afeerraa kabajamoo Pirezidaantii Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa diyaaspooraadhaaf taasisaniidha. Akkuma afeerricha kabajnee dhufne invastimantii keessa gallee yeroo diinotni ollaa keenya jiran biyya jeequuf wixxirfatan kanatti akka lammii biyya kanaatti cinaa dhaabachuuf dirqama qabna.

Anas yoo fudhatte kanin ayyaana Irreechaa dursee gara biyyaa dhufee hanga ayyaanichi gahutti carraawwan invastimantii jiran ilaalee gara hojii galuuf akka naaf mijatuuf waan karoofadheefi.

Yeroo ammaa hojii invastimantii keessa galuuf murteeffannee dhaabbata 'Landshut Treding' jedhamuufi kan laaboraatorii buna ammayyaa qabu; kan bunni itti dhamdhamamu hundeesineerra. Kaampaaniin maashinii ammayyaa bunni alergiidhaaf oolu itti dhamdhamamu kun yuuroo kuma 40 ta'u kan gaafatuudha.

Dabalataanis kaampaaniin kun hojii buna qulqulluu alatti erguuf kan kaayyeeffate yemmuu ta'u, hojii kanaaf marsaa jalqabaatiif buna konteenara tokko alatti erguuf yuuroo kuma 200 kan gaafatuudha.

Kanaaf hojii invastimantii nuti keessa galuuf filanne kun nu qofaaf osoo hintaane, akkuma alergiin buna qulqulluu dabalun sharafni alaa biyyattiin argattus waan dabaluuftuuf dinagdee biyyaa utubuu keessattis damee shoora olaanaa qabu filanne jechuudha.

Inni biraa ammoo afeerraa mootummaan Oromiyaa nuu taasisetti fayyadamnee carraawwan invastimantii biyya kana jiranitti fayyadamnee hojii invastimantii keessa galuuf qofa osoo hintaane, iddoon jireenyaa keenya inni lammataa Itoophiyaa akka ta'uuf abbaa warraakoo waliin mari'achaa jirra.

Kaampaaniin amma sii kaaseefi dameen hojii yeroo ammaa irratti bobba'uuf qophirra jirru kun kan jalqabaati malee kan xumuraa akka hintaane hubatamuu qaba. Gara fuula duraattis carraawwan biroo ilaallee gara invastimantii dameewwan adda addaatti galuuf karoora qabna. Yeroon keessa jirru kun yeroo murteessaafi Oromoon itti xiqqeefate bal'inaan dinagdee keessa galee itti of cimsuu qabuudha.

Bariisaa: Mee waa'ee abbaa warraa

keessanii waan kaaftaniif isaanis lammii biyya ormaa ta'anii yeroo hedduu hojii isin sabaaf hejjattan waan deeggaraniif shooraanii kana akkamitti ibsite?

Aadde Fatiyaa: Akkuma, dhiira cimaa tokko duuba, dubartii cimtuu tokkoti jira" jedhamu "Dubartii cimtuu takka duubas, dhiira cimaa tokkoti jira". Abbaan warraa koo lammii biyya Jarman Doktor 'Uwe Schubart' jedhama. Namni kun akkuma atuu jette lammii biyya ormaa ta'us, yeroo Oromoon rakkoo keessa turetti akkuma Oromoo tokkootti rakkoo kana hubatee nama hawaasa Oromoo cinaa dhaabatuudha.

Kana qofa osoo hintaane, hojiiwwan ani hawaasa walitti qabuufi rakkoolee gara garaatiif yeroo maallaqa funaanee gargaaruuf jennutti akkuma nama Oromoo tokkootti hirmaata. Hojii ani tattaafadhuuf hunda fedhii guutuudhaan na deeggara.

Kanaaf akkuma yeroo rakkoo sana ana waliin qabsaa'aa ture, yeroo ammaa immoo akka nama baratee tokkootti biyya kanas dhufee carraawwan hojii biyya kanatti hojjatamuu danda'an qoratee nama daandii natti agarsiisaa jiruudha.

Kanaaf hojii invastimantii kanas biyya kanatti akka ani jalqabuuf kan nagargaaraa jirus isuma waan ta'eef, innis biyya kana waan jaalatuuf teessoon keenya inni lammataa biyya kana akka ta'uuf isa waliin mari'achaa jirra jechuudha.

Bariisaa: Gama aadaa Oromoo beeksisuu keessattis hirmaannaa akka qabdan odeeffanneerra. Keessumaa fiilmii dokimantarii Ateete yeroo jalqabaatiif dhiheenya kana eebbifame Televizhiinii Jarmaniin akka tamsa'uuf sochii keessa jirtuutti mee waa'ee kanaa nuu ibsaa?

Aadde Fatiyaa: Beektaa aadaafi duudhaan Oromoo keessa jiru ummata Addunyaa kamuu biratti waan argamuu miti. Aadaafi duudhaa gabbataan kun haawwotaafi abboota keenyarraa nu bira qaqqabee hafuu hinqabu. Carraawwan argaman hundatti fayyadamnee ijaafi gurra addunyaa biraan gahuun barbaachisaadha.

Ateeteen immoo aadaa gabbataa sirna Gadaa keessatti dubartiin mirgasiittiin kabachiifattu waan ta'eef, Fiilmii Dokimantarii Ateete dhiheenya kana Dargaggoo Roobsaniin dalagame Televizhiinii Jarmaniin akka dhihaatuuf jara waliin marii eegalleerra. Kana qofaa osoo hinta'in, iddoowwan biroottis afaanota kaaniin hojiiwwan aadaafi duudha Oromoo agarsiisan kanneen biroos akka ijaafi gurra addunyaatiif dhihaataniif namni hundi waan irraa eegamu bahachuu qaba jedheen yaada.

Bariisaa: Ani gaaffii koo xumureeraa ishin wanti hafe yoo jiraate itti naa dabalaa?

Aadde Fatiyaa: Wanti hafe hinjiru; garuu ammas dhaamsi kiyya diyaaspooraan sababa rakkoo siyaasaatiinis haa ta'uu kan biraatiin biyyasaa baqatee biyya ormaa ture carraa yeroo ammaa uumametti fayyadamee beekumsaafi qabeenya horateen gara invastimantiitti galee dinagdee biyyaa keessatti hirmaachuu qaba.

Oromoodhaaf yeroon kun yeroo murteessaa waan ta'eef, hojii invastimantii keessatti bal'inaan hirmaatee dinagdeedhaan yeroon inni itti of ijaaruu qabu amma.

Maxxansa Addaa



Naannawa hora Finfinnee bara 1879



Naannoo Birbirsaa Gooroo bara 1897

Irreecha durii hanga ammaatti

Charinnat Hundeessaatiin

Irreechi aadaa galateeffannaati. Galata waaqaaf galchuudha. Ummatni Oromoo aadaa jaarraa dheeraaf sirna gadaa keessatti kuufate qaba. Aadaan immoo muuxannoofi yaadota baroota dheeraa keessaa dhala namaatiin darbaa dabarsaan gara dhalootatti dhufuudha.

Aadaan Oromoo kan hammatame sirna gadaa keessatti. Gadaan hawaasa Oromoo miseensa shanitti qoodee jiruufi jireenyasaa akka sirnaan gaggeessu ta'aa ture.

Kunis yeeroosaatti sirna gaggeessummaan beekame guutuu kan tureedha. Kanaafi gadaan dameewwan siyaasaa, hawwaasummaafi amantii qaba. Kana keessatti gadaan damee amantii namoonni akkamitti akka waaqeffataniifi dhugeffatan seera qaba.

Seerri kun seerota ulfoo ja'an gadaan lallabu keessa kanneen jiran seera waaqaafi lafaa, seera abbaafi haadhaa, seera malkaafi tulluuti. Seeroonni kunniin akka ulfina argatu gadaan ciminaan ni hordofa. Oromoon dur ummata waaqeffataa ture.

Akkuma Ummatoota Kuush waaqa aduufi samii kan addunyaa kana uumeefi tokkicha maqaa dhibbaa, gumgumaa garaa cabbii, leemmoos garaa taliilaa jedha. Kun immoo aadaafi faaruusaati.

Irreeffachuun galateeffachuudha. Galanni immoo uumama qabatee uumaa kadhachuudha. Kanaaf Oromoon marga jiidhaafi abaaboo ykn daraaraa qabatee malkaa bu'ee, tulluu yaabee irreeffata. Kunis aadaa Oromoon waaqa isa uume ittiin dhugeffatuudha.

Aadaan ibsituu eenyummaa dhala namaati. Kanaaf dhaabbilee sirna gadaa Oromoon ijaare keessaa irreechis isa tokko. Irreechi lafa araaraafi galateeffannaarraa kan ka'eedha jedhama. Kana malees ardaa ykn lafa awwaalaa ykn namni jaalatamaan tokko itti awwaalameraa eegalee jedhama. Akka hayyuu beekamaa Tsaggaayee Gabramadin Qawweessaa jedhaniifi maanguddoota Oromooti ka'umsi Irreechaa waggoota kuma 12 dura akka naannawa sululaa Abbaayyaatti raawwatamaa tureefi qoodama maatiifi araaraa bu'een walqabata.

Oromo ykn "Oro-MO" Hora ykn ilma Kaam jechuudha. Seenaansaa kana ta'ee, waggoota kuma 12 dura mootonni Kuush / Fari'oon/ ilmi aduufi samii /kan waaqaa/ "Asra" jedhama jedhee of moggaase. Ilmaan qabu "Oraa" kan jedhamu ilma quxusuu ykn maandhaafi intala durbaa "Asesii" ykn Abaar kan jedhamtu qaba ture.

Maatiin kun waliin jireenya keessatti gaafa tokko walitti bu'anii obboleessi guddichi quxusicha ruktee ajjeese. Gocha kanatti daran tan gaddite 'Asesi' ykn Ateeten iddoo obboleessi ishee Oraan du'eeffii itti awwaalame sanitti biqiltuu odaa dhaabde.

Kana booda akka guddatu malkaa abbayyaatii bishaan waraabde kunuunsaa turte. Maatii walajjeesse jidduutti nageenyiifi araari akka bu'u waaqa "aduufi samiif" nageenya akka

buusuuf kadhatte. Yeroo boodas waaqayyo dheekkamsasaa nageenyatti jijjiree; Roobnis roobuu qabe, maatiin walajjees gaaddisa Odaa jalati hirreeffatee gumaadhaan araaraman.

Gaaddisni Odaas iddoo araaraa malee falaasama ofii qaba. Kunis Odaan tokko ta'ee biqile bakkawwan lamatti addaan bahaafi boodas dameensaa walitti deebi'uun tokko ta'e. Hiiknisaas maatii addaan ba'ee boodas araaraan deebi'ee tokko ta'e kan ibsu mallatoofi aadaa Oromoo isa ganamaa waan ibsuufi.

Kanaafis kadhaa waaqaa kana ateeten Odaa jalatti taasisteen akka raawwatameefi kanarra ka'uun yeroo sana kaasanii Odaan lafa seeraafi araaraa, mariin gadaa itti mari'atu ta'e. Ateeteenis Ayyaandaa nageenyaafi eegduu maatii akka jedhamu taate.

Ayyaandaa ittifufeensa dhaloota ykn sanyii nageenyaafi haadha deessuu jedhamte. Hayyuu beekamaa Tsaggaayee Gabramadin Qawweessaa Gaazexaa Xoophiyaarratti (1997) yaada kana yoo ibsu akkana jedha.

Dhugeeffannaa Oromoota keessatti aadaafi duudhaasaa ganama yaadachuuf wayitii irreechaa malkaawwan guguddaafi haroowwanitti hirreeffachuufi siidaawwan dhadhaa muuduun / muuda/ icciti armaan olitti ka'aa ture ibsuuf kan taasifamuudha jedha.

Abbootiin keenya gurraachonni dur Misiraafi Nuubiyaa keessa jiraataniifi ammaltee darbanii darbanii sanyiinsaani Gibtsi, Sudaan keessa jiran Kuushonni otoo weerara Giriikotaafi waraanni Pershiyyaa, akkasumas weerara Otuman Turkiifi Arabootan hinrukutamiin dura gara kibbaatti otoo hinsocho'iin /gara Abbayyaa jiddugala/ Nuubiyaa, Maraweeffi Saabaa, biyya Itoophiyaa jedhamuufi lafa naannoo mudhii /sabbata lafaati/ hinbaqatiin dura waggaa waggaa ayyaana irreeffannaa /galata/ gaggeessaa turan.

Kan nama dinqisiisu akkuma yeroo ammaa biyya keenyatti baatii fulbaanaa keessa haalota adda addaatiin gammachuu keenya ibsinu isaan immoo malkaan abbayyaa guutee qonna isaaniif yemmuu haalli mijaa'u baatiidhuma kana keessa waggaa waggaa ayyaana guddaa qabu. Haala kanaan baatiin fulbaanaa ummata duriifi ammaatiifis yeroo ayyaanni guddaan bifa walfakkaatuun kabajamuudha.

Kunis akkuma macaafa qulqulluu keessatti obboleessi guddichi Qaa'eel obboleessasaa quxusuu Abeel ajjeeseefi haatisaanii boonyaan waaqayyo ilma eebbifamaa kenneefitti, kadhaafi qulqullina dubartiin gootu waaqayyo akka dhaga'uun dubbatamuun kan walqabatudha.

Kan biraa seenaa Kuushota Afrikaa keessatti kan ilaallu waa'ee lafaafi biyya Afrikaa yoo ta'u, innis kan uumame jechoota Kuushota sadirraa ta'a. Isaanis Afa, Rafi Ka; jechuun lafaafi kan lafarra biqilu yoo ta'u, Afii ykn Afaa jechuun kan lafarra margan, sanyii jechuudha. Ra'n jechuun mootii jechuudha. Kanarraa ka'uun Ka jechuun immoo waaqa kan jedhu ta'ee Afrikaa jechuunis lafa mootii biiftuu filatame ykn mudame jechuudha.

Asirratti ifa ta'uu kan qabu Misira duriifi biyyootasaa gadi jiran kan bulchaa turan mootota lafaa, Fari'oon jechuun kan moggaameefi Ijiipti gararraafi kan dakaa walitti qabuun kan bulchaa ture Minaas gurraachota Kuushota keessaa isa tokko.

Tamsa'ina amantii Oriitii dura gurraachonniifi Kuushonni ykn Itoophiyaa Misraa, Suumeerota, Baabiloon, Nuubiyaa saba hunda walitti makama Kuushotaafi Seemotaa waan ta'aniif afaaniifi haalli amantiisaanii, akkasumas duudhaafi faaya isaan qaban walumaagalatti tokko jechuu baannus daran kan walfakkaatuudha. Ummanni Oromoos qaama ummata Kuush waan ta'eef seenaa kana keessatti akka hammatame hubachuun barbaachisaadha.

Kuushotaafi dhaala aadaasaaniirraa dhufan kan mul'isuufi sabni Oromoos qaama kanaa ta'uu kan ifa godhu, ulfinaafi duudhaa dubartootaaf sabni kun kennudha. Abbootiin Oromoo iddoo tokkoo ka'uun malkaa ce'anii durbi duudaan akka maatiif marga hirtu ta'ee eebbi abbaadhaan raawwatama.

Kanarraa ka'uun dubartiin mallattoo nageenyaafi lalisummaa yoo taatu, araaraafi mallattoo waliigaltee maatii tokkoo akka taatetti fudhatamti. Hubannoon kunis aadaa Oromoo jaarmiyaa Siinqee, Ateeteefi duudhaa eegumsa maatii wajjin kan walitti hidhamuudha.

Irreechis ta'ee Ateeten aadaa lubbuqabeeyyii ummata Oromoo keessatti mul'atudha. Irreechis otoo duudhaa kana hinmaqsiiin hanga ammaatti kan mul'atudha. Haaluma kanaan irreechi akka hamaa aadaa, seenaafi amantii Oromootti kan yaadatamuudha.

Irreecha hora Finfinnee

Hora Finfinnee waggoota 150 dura Oromoo Gullalleetu irratti hirreeffataa ture. Naannoo hora Finfinnee dur qubatee kan ture gosa Oromoo Tuulamaati.

Tuulama keessaayyuu Oboofi Galaan yoo ta'u, manneensaaniis Gullalee, Jiddaafi Eekkaadha.

Oromoon hora kanarraa faayidaa akkamii argachaa ture?

Horri Finfinnee tajaajilawwan hedduuf oolaa akka ture maanguddoonni bal'inaan dubbatu. Tajaajila inni kennaa ture keessaa qoricha beeladaa kan ture yoo ta'u, fayyisuurra darbee hormaataaf faayidaa kennaa turuu maanguddoonni nidubbatu.

Akka barsiifata ummatichaatti yoo xiqqaate horiin waggaa keessatti ala lama hora Finfinnee dhuguu qaba. Kunis yeroo birraafi arfaasaa ture. Faayidaawwan loon hora obaasuun Oromoof kennaa ture keessaa inni biraa horiin kallattiilee shananiin gara hora Finfinnee dhufan keessaa carraan korma filatamaa argachuu bal'aa ture.

Bakki hora Finfinnee dirree irratti hawaasni Tuulamaa wal argee dhimma jiruufi jireenyaasarratti yaada itti waljijjiiran ture. Kunis tokkummaafi ijaarsa hawaasichaa cimsuu keessatti ga'een taphachaa ture daran olaanaa ture

Ummanni yeroo ganna dheeraa bakkuma jirutti dabarsu gaafa birraan bari'ee bakka hora obaasuutti walargu afoolasaa kan akka faaruu looniifi kanneen biroo waliin dhandhamee bashannana ture.

Haala kanaan, yeroo horri saaqamu ji'a Fulbaanaa keessa ummanni bokkuu, okolee, kallacha, callee, mijuu guuttataniin hora kana haala safuusaa eegeen eebbaan saagu ture. Kunis kabaja ummanni hora Finfinneef qabu olaanaa ta'uu agarsiisa.

Guyyaa saaqiinsa horaa abbaan horaa korma qaluun aarsaa dhiyeessee eebbaan eegalchiisa. Eebba booda hangafooni dabaree dabareen obaafatu. Hora Finfinnee obaafachuuf namoonni fagoorraa dhufan torbanii ol bulanii dabareen obaafatani waleebbisanii gammachuun galu ture.

Yeroo turtiisaanii keessatti jiruufi jireenyaasaniiratti yaada waljijjiiru, dhimmoota omishaafi nageenyaarrattis yaada walii qoodu ture. Nyaataafi dhugaatii qabataniin bakka irreechaa dhufan waliin qooddatu, waliin gammadu. Birraan bari'uu ilaalchisanii 'Baga booqaa birraa geessan!' jedhanii hawwii gaarii walii qaban ibsatu ture.

Eebba hora irratti eebbifamu

Oromoon gaafa malkaa irreeffachuuf deemu akkas jedhee eebbisa.

Hayyee waaq hayyee waaq

Waaqa uumaa waaqa uumamaa

Waaqa burqaa walaabuu

Waaqa caffee tumaa

Waaqa jahan hora waaqayyoo

Waaqa tulluu saddeettan waaqayyoo

Waaqa odaa nabee

Waaqa shanan gadaa oromoo

Kan nagaan nu oolchite nagaan nublulchi

Horri kun kan hormaataa yaa ta'u,

Kan firriifi habbi dhugu yaata'u!

Waatiifi maatiin itti yaa horu.

Abbaa horrerra yaa nuuf bulchi.

Kan dhabe haa horu

Kan hore irra haa bulu jedhanii eebbisu.

Akkasumas:

Finfinneen meedhicha kee yaa taatu,

Namaafi sa'a itti hori,

Kan dhaloonni kee itti horu siif yaa ta'u!

Gostiifi hambi yaa dhugu,

Loon itti yaa horan,

Qorsa yaa ta'u!

Namni itti yaa fayyuu,

Loon itti yaa gabbatu,

Kan dhukkubsate sitti yaa fayyuu! jedhamee eebbifama jedhu Hayyuun Seenaafi Aadaa Obbo Alamaayyoo Hayyilee.

Ayyaana irreechaa gaarii!

Maxxansa Addaa



Saboonni adda addaa kanaan dura Irreecharratti hirmaatanii turan maal jedhaniyyu?

Kutaa Qophiitiin

Irreecha Hora Finfinnee har'a kabajamuufi kan Hora Arsadee bor kabajamuuf keessummoonni kallattiilee garagaraarraa dhufaniiru. Ilmaan Oromoo qofa osoo hintaane saboonniifi sablammoonni kaanillee jilasaanii qabatanii dhufaniiru.

Obbo Jaagoo Aganyawu Hogganaa Biiroo Aadaa, Turizimiifi Ispoortii Naannoo Sidaamaa yoo ta'an, isaanis yaada gaazexaa keenyaaf kennaniin, sabaafi sablammoonni Itoophiyaa aadaafi duudhaa mataa mataasaanii kan qaban yoo ta'u, inni tokko aadaa isa tokkoof beekamtii kennuufi kabajuun hariiroo sabootaa kan cimsu ta'uu himu.

Jilli Sidaamaas obboleessisaa Oromoon gaafa Ayyaana Irreechaa kabajatu durarraa kaasee irratti hirmaachaa turuu kaasanii, Oromoonis ayyaana waggaa haaraa Sidaamaa, Fichee Cambaalaalarratti argamuun waggootaaf waliin kabajaa turuu dubbatu.

Ayyaanota sabootaa waliin kabajuun hariiroo sabootaa cimsuun tokkummaa jabeessuu caalaatti, ijaarsa nageenyaa, misoomaafi guddinaallee kan cimsu ta'uu dubbatu. Isaanis Irreecha qofa osoo hintaane torban darbe keessa saboonni garagaraa wayita ayyaana jijjiirraa baraasaanii kabajatan irratti hirmaachuun aadaa waliitti agarsiisaafi tokkummaa cimsaa akka turan kaasu.

Akka ibsa hogganichaatti, jilli anga'oota, garee aadaa, jaarsoliifi kutaalee hawaasaa hirmaachise Irreecha Hora Finfinneefi Hora Arsadeerratti argamuun saganticharratti hirmaataa jira. Itoophiyaanonni aadaa



miidhagaafi ajaa'ibsiisaa qaban kunuunsuufi dhalootatti dabarsuu akka qaban dhaamu. 'Haballe le mekumunna tana ontu Oromota rudu'i Irreechoo ayanirraa, kerune illishini'e, kun ayyano, banchu maha, alchemo, galatemoo" jechuun ummanni Oromoo бага Ayyaana Irreechaa bara kanaa nagaan geessan ergaa jedhu Afaan Sidaamaatiin dabarsaniiru.

Obbo Biraanuu Zawudeemmoo Naannoo Kibbaatti Bulchaa Godina Gaamooti. Isaanis yaada nuu kennaniin jilli aanga'oota, garee aadaa, abbootiifi haadholii Gaamoo dabalachuun Irreecharratti hirmaachaa jiraachuu kaasanii, Itoophiyaan ayyaanota sabootaafi sabalammoonni kabajaman hedduudhaan kan badhaate waan taateef kanneen waliin kabajuun ijaarsa biyyaaf faayidaa olaanaa akka qabu dubbatu. Duudhaan tokkoon tokkoon aadaa sabootaa keessa jiru kan qorannoofi qo'annoodhaan hinargamne ta'uufi kunis abbootii irraa dhalootaa dhalootaatti darbaa dhufuu ibsu.

Dhaloonni ammaas duudhaalee kanneen dhaloota ittaanuuf dabarsuuf eeguu, kunuunsuu, misoomsuufi jiraachuu akka irra qabu eeranii, kanneen ammoo haala Irreecharratti mul'atu kanaan saboonni yommuu waliin kabajan sirriitti akka baramaniifi mul'atan taasisuun hunduu xiyyeeffannaa akka itti kennuuf kan gargaaru ta'uu himu.

Ummanni Gaamoo borumtaa jijjiirraa baraa "Yaawoo Masqalaa' kabajetti Irreecha kabajaa jiraachuusaafi ayyaanichas obbolootasaa Oromoo waliin kabajee darbuu kan himan bulchaan kun, Irreechas waliin kabajuun tokkummaa waliinii caalaatti cimsuuf akka gargaaru ibsu.

Isaanis Afaan Gaamootiin "Asaayi ubbaa ashuu Irreechas dasi das, Irreechaayi dhufaayis, Irreechaayi xossaa galatisaa, wada gidiraa gishi, be'ala gidita gishi" jechuun guyyaa nageenyaafi tokkummaa kan ta'e бага ayyaana Irreechaan nagaan isin ga'e jechuun hawwii gaarii qaban ibsaniiru.

Doktar Mohaammad Nuriyyeemmoo Naannoo Kibbaatti, Bulchaa Godina Alaabaati. Isaanis jilli godinasaaniirraa dhufe ayyaana Irreecharratti hirmaachaa jiraachuu himanii, Irreechi ayyaana wajjummaa, tokkummaafi waliin ta'uu waan ta'eef duudhaaleen saboota Itoophiyaa akkanaammoo weerara aadaa addaddaatiin akka hinbadneef waliin kabajuun akka barbaachisu himu.

Ayyaanota saboota waliin kabajuun tokkummaa daran cimsuun adeemsa Itoophiyaa ijaaruu keessatti shoora olaanaa akka qabu kaasanii, ummanni Oromoofi saboonni biroos ummanni Alaabaa Ayyaana jijjiirraa baraa 'Seeraa' dhuma ji'a Muddeetti kabajamurratti argamuun waliin kabajaa jiraachuu ibsu. Isaanis Afaan Alaabaatiin "Habay Irreechi kabajaa tobareetii rilishee" jechuun бага ayyaana Irreechaa nagaan geessan jedhaniiru.

"Irreechi ayyaana adda addummaawwan eenyummaa keessatti Itoophiyaan tokko irraa calaqqisuudha"

- Dargaggo Naannoo Sidaamaa

Riippootara Gaazexichaatiin

Irreechi ayyaana adda addammummaa eenyummaa keessatti Itoophiyaan tokko keessatti guddattee mul'atuudha jechuun dargaggoon Naannoo Sidaamaa ibsan.

Duudhaalee ayyaanichaa ka'umsa godhachuun dargaggoonni tokkummaa biyyaafi ummataa ittifufsiisuuf gamtaadhaan hojjechuu akka qabanis dubbataniiru.

Hojjetaan Biiroo Aadaa Turizimiifi Ispoortii Naannoo Sidaamaa Dargaggo Asnaaqaa

Ayyalaa ayyaanicha ilaalchisuun yaada kenneen, Irreechaa waggoota sadan darbanitti qaamaan argamee kabajuu eeree; ka'umsisaa ummata Oromoo ta'us duudhaansaa garuu kan saba tokkoo qofa otoo hintaane kan saba bal'aafi kan ummata danuuf ga'uudha jechuun Gaazexaa Bakkalchootti himeera.



Maxxansa Addaa

“Kabajamaa Ummata Oromoo, бага bacaqii gannaa hofkoltee, ...

walgahu. Kun obbolommaadha.

Danummaa Oromoon qabu kan uffannaa, kan tolfannaafi faayaa qofa osoo hintaane, danummaa Itoophiyaan ittiin beekamtutu malkaa irreechaa gubbaatti walgaha. Kun walsimannaafi kabajaa akkasumas hawwii gaarii saboonni biyya keenyaa waliif qaban hawaasa addunyaatti agarsiisa. Obbolommaan keenya jechaan osoo hintaane gochaani; ormarraa dhageenyee osoo hintaane itti dhalanne; ilkaan itti buqqifanne; aarrii itti filanne; jireenya keenya.

Akka alaa nu ilaalan osoo hintaane; akka isa keessa keenya jirutti tokkummaa sibiilarra cimoon walbira yoo dhaabanne, warra diiggaa keenya farrisaa oolan qaanessuu itti beekna. Seenaa keenyatu kana hima. Oromoon gaafa tokkummaa uumama kaaniin walbira qabee Waaqasaa kadhatu:

“Yaa Waaq:

Ijaartee nundiigin,

Kabaa nunbuqqisin,

Garaa na’uu nu oolchi,

Ijaa boo’uu nu oolchi,

Gargar ba’uu nu oolchi,

Nu dhaabi akka mukaa!!”

jedhee Uumaasaa kadhata. Tokkummaa ititee, dagaagee akka mukaatti lafa qabate Waaqaan naaf kenni jedhee kadhata. Kadhaa kana keessa kan hundaa olii Waaqatu jira; safuutu jira; uumamatu jira. Hariiroo ilmi namaa Waaqa faana, uumama biroo faana qabu kadhaa Waaqaa kana irraa hubanna.

Oromoon dhaha yookaan henna beeka. Lafa taa’ee tartiiba urjii yookaan buussaniifi ji’aa hubachuun ayyaana lakkaaha. Kun kenna addaati. Dhaha urjii beekuun ofiifuu dhaha barbaada; qaroomina barbaada; fageessanii yaadani dhiheessanii nama biraa hubachiisuu barbaada.

Dhaha urjii beekuun guyyaa beekuudha; ji’a beekuudha; baraafi Gadaa beekuudha; seenaafi taatee beekuudha. Gannaafi bona beekuudha; galata Waaqaafi humnasaas beekuudha. Beekumsa xabboo Oromoon muuxannoon kuufate, akka ogeessa raaga haala qilleensaa waytii adda qoode akka amala isaatti akka bulu isa gargaare.

Oromoon ogeessa hariiroo ji’aafi urjiiti; tartiibaafi hiriira isaanii ilaalee waan keessa darbe xiinxaluun waan itti deemu tilmaama; beekumsa dhahaatu kana. Sirni Gadaa bu’aa dhahaati; bu’aa argaa-yaadaati. Sirna rakkoo fi baldhoo, horiifi hormaataa, jiruufi jireenyaa, hariiroofi olloomaa, tokkummaafi waloomaa, dhugaafi namoomaaf waan hunda muree lafa kaahe. Sirni akkanaa muldhata keessaa waraabama malee, halkan tokkootti waan dhugoomu miti.

Ammallee akka kaleessaa sanitti yaaduu nubarbaachisa; akka kaleessaatti sirna ilmaan namaa hunda baldhinaafi badhaadhinatti baasu ijaaru qabna. Qaroominni kaleessaa sun ammallee nubarbaachisa. Yaadni hiixataan waan fagoo jiru ittiin gabaabsinu, ammallee baay’ee nubarbaachisa.

Gadaan bu’aa argaa-yaadaati. Oromoon waan isa dhibe hiikkachuuf sirna jabaa barri hinjijjiirre yaadee tolfatee irraa

fayyadame. Obboleewwansaa kan ollaasaa bulan argaa-yaadaa kanarraa fayyadamani jiru.

Gadaan filannoo bara saddeetiin gaggeessuufi yeroo aangoo murtaa’aa godhee, aangoo nagaafi fedhiin walharkaa fuudhuu barsiise; gulantaa tokkoo gara gulantaa birootti chehuuf yeroo qophii akka barbaachisu lafa kaahe; angoo itti gaafatamummaa birkii, umuriifi koornayaan qooduun haala madaalawaan hunda hirmaachisuufi hawaasatti siqu idileesse; tokkummaa hawaasummaa ijaaruufi nagaa kabachiisuurratti lammiin hundi gahee akka qabaatu mure. Kun bu’aa argaa-yaadaati; bu’aa dammaqinaati; bu’aa hubannaati; bu’aa xiinxalaati.

Mataduree Oromoofi saboota kaaniifis faayidaa hinqabne kan abbaan barbaade faayidaa dhuunfaafi garee galmaan gahachuuf nutti darbaturratti anniisaa keenya fixuurra, akka abaabileefi akaakilee akkasumas abboota keenya kaleessaa kabajaafi jaalala biyyaa qabaannee, rakkinaafi gadadoo bara baraan ittiin waamamnu keessaa mulqannee bahuun badhaadhina hawwinu bira dhaqqabuuf, dhiitee-bariitee hojjachuu qabna. Hireen lama hindeebitu.

Hireen qabnu ammuma. Hiree argamteen hegeree biyya keenyaa har’uma tolchuu qabna. Akka abboota keenyaa humna argaa-yaadaa cimaatu nu barbaachisa. Akkas malee of jala qofa ilaalaa deemuun bu’aa tokkollee nuuf hinbuusu. Fagootti imalla waan ta’eef, fageessinee yaaduu qabna.

Yaada kufaa qabannee waljala dhaabachuun nu hadoocha malee, anniisaa gara fuulduraatti iittiin furguggifamnu nuuf hinta’u. Waan gamaa gamanaa wacniifi qeeqni baay’ateef, abbootiin keenya sirna rakkoo isaanirraa ka’anii ijaarratan hingatne. Nutis akkasuma; eenyullee dharaan gamaa-gamanaa walitti lallabee iyya sobaatiif waliif birmatullee, waan qabne galmaan geenya malee karaatti hinbuusnu. Imaanaatu nutti kenname; galfatatu nutti kenname.

Galfata galaa godhannee waan eegalle milkiidhaan goolabna. Biiflee meeqa itti dhabnee galfata hin nyaannu. Biyyi keenya haqa qabdi; haqa sabootaafi sablammootaa. Kan darbe irraa waan gaarii fudhanna; waan kan darbe ittiin komatamu sirreessaa akka hinkomatamnetti hojjanna. Walqixxummaafi ija-tokkoon ilmaan namaa ilaalu Gadaarraa baranna. Ammas uummanni argaa-yaadaa cimaa qabu kun Itoophiyaadhaaf waan caalu uumee waliin irraa fayyadamuu qaba. Biyya addunyaan kabajju tokkummaadhaan ijaaru qabna. Nagaafi suga biyya keenyaa itichuun qooda hunda keenyaati. Hiyyummaa ofirraa mulqinee gatuuf ammoo argaa-yaadaa cimaa nu barbaachisa. Baga Irreecha bara 2017 nagayaan gessani!

Gadaan quufaa gabbinaa!

Barri kan badhaadhinaa!

Itoophiyaan kabajamtee bara baraan haa jiraattu!

Fulbaana 24, bara 2017

Irreechi tokkummaafi obbolommaa cimsuun...

Aadde Jamiilaan haasaa foramicharratti taasisaniin, Irreechi duudhaalee obbolommaafi tokkummaa cimsaa haaromsa aadaa eegalame galmaan ga’uuf gummacha olaanaa qaba. Oromoon Irreecha hambaa kiliyaa kan ta’e addunyaaf gumaachuu himanii; addunyaatti akka beekamuuf malkaawwan duraan cufaman murtoo mootummaa jijjiiramaatiin akka saaqamaniifi akka beekaman taasifamuu eraniiru.

Mootummaan Naannoo Oromiyaas misooma aadaa, seenaa, afaaniifi artii ummataa guddisuuf jijjiirama addaatiin hojjetaa jira. Hojiilee hojjetamaa jiran keessaa foramiin kaleessa gaggeeffame isa tokko jedhan. Hojjiwwan hojjetamaa jiran dinqisiifachaa kan hafeef tattaafachuu akka barbaachisu himanii; Irreechi iddoosaatti deeb’ee akka gaggeeffamuuf namoota aarsaa kaffalaniif galatatu ta’a jedhaniiru.

Beekumsa xabboo Oromoo misoomsuudhaan dhaloota sabboonummaa isaan boonee biyya keessatti ga’eesaa taphatu hundeessuuf ijaarsi pirojektii giddugaloona aadaa Magaalaa Finfineefi bakkeewan

garagraatti qarshii biliyoonotatti lakkaa’amuun ijaarsisuuf hojii bal’aan hojjetameera. Ijaarsoti kunneenis haaromsa aadaa taasifamaa jiru keessaa isa tokko jedhan.

Pirezidaantiin Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa mootummaan jijjiiramaa cabiinsa duudhaafi aadaa sabootaa, sablammootaafi ummattoota murtoo looreetii addunya Doktar Abiyyi Ahmadiin iddootti akka deebi’u taasifameera jedhan.

Yeroo ammaa Irreechi kan Oromoo qofa ta’uurra darbee kan hundaa ta’uun waggaa ja’affaaf iddoosaatti deeb’ee kabajamuu danda’ameeraa, бага gammaddan jedhaniiru.

Irreechi ayyaana duudhaafi aadaa irraa calaqqisuun waan gaariin itti walii hawwamuufi ayyaana ce’eumsaa ta’uu himanii; garaagarummaa amantaan olta’ee kabajamaa jiraachuus Aadde Jamiilaan eeraniiru.

Kanaaf, ayyaaneffannee galuu qofa utuu hintaane kan ittiin jiraannu, ittiin bulchinu, aadaafi duudha dhokataa ifa baasuun haaromsa aadaa ittiin mirkaneessinuudha

jedhan.

Kantiibaan Magaalaa Finfinnee Aadde Adaanachi Abeebes; Irreechi waggoota dheeraaf akka hinkabajamne ta’ee ture mootummaa jijjiiramaatiin iddoosaatti deebi’ee kabajamuu erga eegalee waggoota ja’a lakkoofsisuu yaadachiisaniiru.

Duudhaalee sirni Gadaa qabu keessaa Irreechi isa tokko. Namootni ganna dukkana keessaa walirraa fagaatanii turan walarguun nagaafi waan gaarii kan ittiwaliif hawwaniidha. Hawwii gaariin walii hawwan nagaa, jaalalaafi tokkummaa cimsuun yeroo amma Irreechi ummata Oromoo bira darbee walitidhufeenya lammiilee caalaatti cimsuun mallattoo tokkummaafi obbolommaa ta’aa jira jedhan.

Ayyaanichi haaromsa aadaa jalqabameef gumaachaa jiraachuus himanii; ayyaanichi duudhaasaa eegee akka kabajamuuf balbalawwan Finfinneen qabdu hundaa simannaan keessumootaa taasifamuu eeraniiru. Misoomni kooridarii magaalichaa miidhagina ta’uu bira darbee turizimii guddisuun biyya utubaa jira jedhaniiru.

Daraartuu Tasfaayee...

adeemsifamerratti kan argaman Pirezidaantiin Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa haasaa taasisaniin, Kallattii dinagdee damdaneessa ijaaruuf kaa’ameen turizimiin toora xiyyeeffannoo mootummaa jijjiiramaa keessaa isa tokko ta’uu ibsaniiru.

Hojiilee carraawwaniifi humnoota turizimii naannichaa baasuufi beeksisuu, bu’uuraalee misoomaa turizimii si’oomsan babal’isuu, akkasumas seektarri dhuunfaa hojii kanatti akka makamu taasisuuf raawwanneen jijjiirama guddaa dhugoomsineerra jedhan.

Milkaa’ina turizimii beeksisuurratti argameef, hoggansaafi maatii Komishinii Turizimii Oromiyaa carraaqii naannicha gahumsa turistii gochuuf taasisuuf cimsanii akka ittifufan dhaamamiiru.

“Dhumarrattis Diyaaspooraan Oromoo waamicha Irreechaa bara 2017 akka waliin kabajnu isiniif dabarsine fudhattanii nu gidduutti waan argamtaniif kabaja olaanaan isiniif qabna” jedhan.

Saganticharratti hoggantoonni hojii mootummaa federaalaafi naannoo argamaniiru.

Maxxansa Addaa

Uffannaa, qabannaafi dubbannaa Malkaaf toluun Irreefachuu

Saamraawit Girmaatiin

Ayyaanni Irreechaa ummata Oromoo biratti ayyaana guddichaafi hawwii olaanaadhaan eegamuudha. Oromoon waqtii Birraafi Arfaasaa Malkaafi Tulluutti ba'ee irreeffata. Amma waqtiin keessa jiru birraa waan ta'eef ilmaan Oromoo kallattiilee addaddarraa dhufuun har'a Hora Finfinneetti, bor ammoo, Bishooftuu Hara Harsadeetti uumaasaa uumamaan galateeffata. Waaqa dukkana gannaa baasee ifa birraa isa agarsiiseef galata dhiheessa.

Irreechi Oromoo biratti hiika danuu qaba. Irreechi waltajjii jaalalalaa, tokkummaa, obbolummaa, nageenyaa, miidhaginaa, araaraa, galataa, kadhannaafi galateeffannaati. Kanaaf bakka olaanaatu kennamaaf. Nutis dhimmoota duudhaa Irreecharratti xiyyeeffatanirratti Komishinii Turizimii Oromiyaatti Ogeettii Hirmaannaafi Fayyadamummaa Hawaasaa, Ambaasaaddara Aadaafi Miseensa Haadholii Siinqee Aadde Saaraa Duubee keessummaa Gaazexaa Bariisaa kan maxxansa addaa Ayyaana Irreechaa taasifanneerraa dubbisa gaarii!

Bariisaa: Hunda dura yeroo keessan waldhipisaarraa nuu qooduun waan keessummaa keenya taataniif galatoomaa, бага geessan jenna. Mee Irreechi haaromsa aadaa keessatti gahee akkamii qaba? Oromoon waltajjii Irreechaa akkamiin ittifayyadamuu qaba?

Aadde Saaraa: Anis galatoomaa, бага walumaan geenye jechuun barbaada. Akkuma beekamu Irreechi ummata Oromoo biratti ayyaana guddaadha. Irreechi araara, nagayaa, tokkummaadha, gammachuudha, irree ummata Oromooti; akkasumas calaqqee eenyummaa keenyaati.

Irreechi osoo addunyaan hinqaroomiinillee Sirna Gadaa keessatti hammatamee seeraafi sirna mataasaatiin adeemsifamaa ture. Kana keessatti Oromoofi Waaqni hariiroo cimaa akka qaban kan itti mul'atedha. Oromoon waan Waaqni uume maraafuu kabaja guddaa kenna. Waaqa uumaadhaan isa badhaase kana immoo ni galateeffata. Dinqii uumaasaatiin uumame kanas Irreecha lamaan jechuunis, Birraafi Arfaasaa keessa irreeffatamuun ibsata. Waqtiwwan kunneenis kan filatamaniif sababa malee miti.

Kan birraa yoo ilaalle, yoo xiqqaate ji'oonni sadii yeroo roobni itti roobuudha. Oromoon ammoo ji'oota kanneen keessatti waan lagatu qaba. Roobni cimaan ni rooba, lagni ni guuta, waan ulfaatina qabutu dhufa. Yeroo kana hunda Oromoon manasaa taa'ee Waaqa kadhata. "Roobdee nu hinmiidhiin, caamtee nu hinmiidhiin, hamtuufi badduun nu lagi, sa'aa nama, maatii waatii keenyaaf nagaa nuu buusi" jedhee manumasaa taa'ee kadhata.

Egaa Irreechi galateeffannaadha, nagaadha, araara yoo jennu Oromoon duruma manasaa



keessatti illee ooltee bulteesaa waan galateeffatuufi. "Waaqa nagaan nu oolchite, nagaan nu bulchi. Waaqa nagaan nu bulchite nagaa nu oolchi" jedhee kadhata;

"Waan nagaan nu oolchite, waan nagaan nubluchiteefis galatakee" jedhees galateeffata. Galateeffachuun achirraa ka'a jechuudha. Oromoon yoomillee Waaqa waliin hariiroo cimaa qaba. Akkasumas uumama uumaan uumeef kabajaafi dinqisiifannaa waan qabuuf waa maraan galateeffata jechuudha.

Kanaaf Irreechi iddoo Oromoon itti walargee dukkana, bacaqii, dhoqqee gannaa akkasumas laga guuteefi waan ulfaataa waqtii sana keessaa Waaqni isa baasee ifa Birraa barii isa agarsiiseef ulfina kennuuf iddoo itti walitti dhufudha jechuudha.

Irreechi akka waliigalaatti Finfinneefi Bishooftuuratti haa adeemsifamu malee hunduu qe'eesaatti akkaataa malkaafi abbaa malkaasaatiin illee ni irreeffata. Garuu waltajjiwwan guddichi lamaan iddoo walargiiti. Oromoon kaabaa, kibbaa, bahaafi dhihaa dhufee kan itti walarguudha.

Bakka walarguttis waaqasaa galateeffata. Kan yeroo darbe argee darbeef uumaasaa galateeffatee, isa dhufuuf ammoo abdiin

itti godhata. "Waan roobaa lolaan, kan Gannaa galaanaan nu bira dabarsitee jirta. Isa birraa barii ammoo kan facaafanne kan waliin nyaannu nu taasisi, kan ilmaan godhate waliin kan jiraatu nu taasisi" jedhee isa darbeef galateeffatee, abdiin fuulduraa waaqatti kennata.

Bariisaa: Guyyaa Irreechaa kana Oromoon kallattii addaddaadhaa walargee waliin irreeffata. Kun miira akkamii uuma, hiiknisaahoo akkamiin ibsama?

Aadde Saaraa: Sirriidha. Oromoon kallattiilee addaddaarraa walitti dhufuun isaa hiika guddaa qaba. Haala bal'inaafi guddinsaatiin yeroo walitti dhufu aadaa miidhagaa, jaalala, obbolummaafi tokkummaa inni waliif qoodu kan nama ajaa'ibudha. "Oromoo walagarsiisan malee walhinbarsiisan" akkuma jedhamu Irreechi bakka Oromoon itti walargee, waliin nyaatee, dhugee, kolfee, taphateefi sirbee hariiroofi jaalalasa itti jabeeffatudha.

Keessumaa Irreecha Hora Finfinneefi Hora Harsadeetti walitti dhufuun tokkummaa haareffatee daran cimsata. Oromoon waan nageenyaaf bakka olaanaa kennuuf yeroo manasaarraa ka'uu kaasee nageenya kadhata. Dura ofiif "nagaa naa kenni"

jedhee kadhatee, maatiisaa, naannawasaafi biyyasaafillee nagaa kadhata. Yoo nageenyi jiraate malee walarganii Waaqa galateeffachuus ta'e kadhachuun rakkisaa waan ta'ef dursa nagaa kadhata.

Akkasumas Oromoon Irreecha yommuu kabaju garaa qulqulluudhaan waan ta'eef kan walitti balleesse dhiifama walgaafatee, qe'ee qe'eesaatti maanguddoo beekaasaatiin, jaarsaa hayyuusaatiin erga dhiifama walii taasisse booda tartiibasaa qabatee malkaasaa saaqqatee galateeffata jechuudha. Kanarraa kan ka'eedha Irreechi ummata Oromoo biratti bakka olaanaa qaba kan jedhamuuf.

Haalli kabaja Ayyaana Irreechaa yeroodhaa yerootti dabalaafi addunyaa waliinillee tarkaanfataa jira. Waltajjii kanaan Oromoon waan ofii beeksifataa jira. Irreecha Oromoo qofa osoo hintaane sabaafi sablammoonni biroonillee dhufanii ilaalu. Irreechi sabaafi amantiidhaan addaan walhinqoodu. Oromoon ilmoo namaatiif mitii waantota Rabbi uume hundaaf kabaja qaba; "Marga lafarra jirullee akka argitanii laaqxanii balleessitanii hinqotiinaa" jedha.

Kana jechuun Oromoon lafallee kan qonnaati, kan kan horiiti jedhee adda baasa malee lafa arge hinqotu. Marga looniirraa kaasee hanga muka guddaa Odaatti seera tumeeraaf. Yommuu nageenya kadhatullee namootaafi uumama hundaaf kadhata. Kana keessatti gammachuu guddaa argata.

Bariisaa: Irreechi eenyummaa, aadaafi duudhaa ummata Oromoo ibsuurra darbeehoo faayidaa maalii qaba jechuu dandeenya?

Aadde Saaraa: Irreechi yeroodhaa yerootti dabalaafi miidhagaa dhufaa jira gaafa jennu gama baay'een ilaalu dandeenya. Fakkeenyaaf kaleessa gaafa Irreecha dhufnu irreeffanneedhuma galla. Amma garuu saboonni kaan faaya keenya ilaalanii nutti gammaduun faaya keenya bitachaa, yeroo biraafillee hariiroo hojii nu waliin uummachaa deemu.

Kana malees Oromoon hundi Irreecha waan aadaadhaan kabajuu waan barbaaduuf uffataafi faayawwan addaddaa qopheeffatee dhufa. Kana malees guyyicha nyaataafi dhugaatiin aadaa baay'inaan dhihaatee gurgurama. Kunneen Irreechi dinagdeellee ta'aa dhufuusaa kan agarsiisaniidha.

Kana malees guyyaa kabaja Ayyaana Irreechaa kan biyya alaa jirullee dhufee waan ilaaluuf dhangala'iinsi turistiillee ni dabala. Waan biyyaaf sharafa alaa argamsiisuuf damee turizimiillee ni utuba jechuudha. Kanaaf Irreechi gama maraan ummata Oromoo qofa osoo hintaane ummata biyyattiifi biyyallee ni fayyada.

Bariisaa: Oromoon ayyaanicha haala kamiin kabajuu qaba jettu?

Aadde Saaraa: Irreechi akka amma namoonni tokko tokko gara amantiitti harkisan miti. Irreechi galateeffannaadha. Namni amantii mataasaatiin manasaatti Waaqasaa ni galateeffata. Manasaarra

Maxxansa Addaa

Uffannaa, qabannaafi dubbannaa Malkaaf...

darbee waldaa yookiin masjiida yookiin batasakaana deemee uumaasaa kadhata. Irreechi garuu osoo amantiidhaan walhinfo'iin tokkummaadhaan hundi keenya afaan nuu galuun bakka itti galateeffannuudha. Kun ammoo amantii kamirrattiyuu rakkoo fidu hinqabu. Ummanni Oromoo durumaa Waaqatti amana. Amantiiwwan kiristaanaafi Islaamaas boodarra dhufanillee Waaqumatti amanu.

Haala itti waamantu addadda ta'a mala malee kan waaman isa kaleessa Oromoon "Gurraacha garaa garbaa, tokkicha maqaa dhibbaa" jedhee waamu sanumadha. Irreechi aadaa kan jennuuf kanaafi. Afaan walii galluun dhaqnee Waaqa kan itti galateeffannu malee bakka amantii itti ibsannu miti. Irreechi tokkummaa cimsa yommuu jennu walii keenya qofa miti. Sabni biraan dhufee nu ilaalu waan keenya sana yoo jaallate bor hariiroosaa cimsatee fira nuu ta'a. kanaaf bakka fira illee itti bal'ifannudha.

Bariisaa: Egaa ummanni Oromoo har'aafi bor sirna ho'aadhaan ayyaanasaa guddicha kabajata. Irreechi duudhaasaa ganamaa eeggatee miidhaginaan akka kabajamuuf Oromoo hundarraa

maaltu eegama?

Aadde Saaraa: Wantoota Sirni Gadaa akka Dhaabbata Barnoota, Saayinsawaafi Aadaa Mootummoota Gamtoomanii 'UNESCO'tti hambaa kiliyaa ta'ee galmaa'u taasisan keessaa Irreechi qooda olaanaa qaba. ummanni dammaqee aadaasaa eegee miidhaginaan kabajachuunsaa sadarkaa idiladdunyaattillee beekamtii akka argatu taasiseera. Kanarra darbee duudhawwan sirna Gadaa keessa jiran, Irreecha, Siinqee kanneen biroollee tartiibaan ulaagaasaa eeganii addatti hamba kiliyaa addunyaarratti galmeesisuuf hunduu itti gaafatamasaa ba'uu qaba. Keessumaa dhalataan ammaa abbootiifi haadhoolirraa safuu dhaalu qaba. abbootiifi haadhoolii dhaga'uu barbaachisa.

Qarreen waan gama hadhooliitiin jiru ilaalanii sirnaan hordofuu qabu. Fakkeenyaaf qarreen ulee siinqee hinqabattu. Kanaaf qabachuu dhiisuutu irraa eegama. Qeerroonis akkasuma Abbaa Malkaafi Abbootiin Gadaa ilaaluufi isaan hordofuutu irra jira.

Gaafa malkaa bu'amu tartiibaan bu'ama. Faayaafi wantoota qabatamuu qabanis safuusaa eegnee qabachuu

malee waanuma nutti bareedeeff qofa qabachuu yookiin uffachuu hinqabu. Hanga abbaan malkaa, malkaa sana eebbisee saaquutti dursanii deemanii irreeffachuun hindanda'amu. Maanguddoo dhiibanii gara malkaa fiiguun, sirba sirbamu hinqabne sirbuun sirrii miti. Gaafa malkaa bu'an "Mareewoo" jechaa Waaqa waggaadhaan maree guyyaa sana qaqqabsiise galateeffachaa bu'ama.

Haala kanaan dhaloonni har'aa bor abbaan biyyaa isa waan ta'ef hangafootaafi maanguddoota dhaga'uun uffannaa, qabannaafi dubbannaa malkaaf toluun ayyaana tokkummaasani kabajachuu qabu. Irreechi gaafa miidhamne bakka ergaa keenya itti dabarfachaa turredha.

Amma ammoo Waaqni waan iddoo nuu sirreesseef malkaan nuu deebi'eera, abbaa biyyaafi abbaa aadaa taaneerra. Kanaaf Irreecha caalaatti nageenya, hammattummaafi tokkummaa keenya itti agarsiifachuu qabna. Wantoota qara qabaniif nama miidhan qabatani deemuun, waan malkaan hineeyyamneefi duudhaa Irreeffannaan ala ta'e lallabaafi raawwachaa deemuun gonkumaa dhorkaadha.

Bariisaa: Dhumarratti ummata Oromoof dhaamsa yoo qabaattan carraa isinii kennina.

Aadde Saaraa: Ayyaana ummata Oromoo guddicha kana sirnaafi seeraan kabajachuun hunduu tumsa taasisuu qabu. Kana qofa osoo hintaane miidhagina ayyaana kana saboonni hundi darbees addunyaan akka beekuuf inni barreessu barreeffamaan, kaan suuraan, kaan suursagaleen ummata biraan ga'uu barbaachisa. Ayyaana sanarra maaltu maaliif qabatama, Abbaan Malkaa, Abbootiin Gadaa, Haadhooliin Siinqee, Foolleen, Qarreefi Qeerroon maal jechaa deemu, hiiknisaawoomaali isajedhuhayyootaafi beektoota gaafachuun duudhaa kana barsiisuun nurraa eegama. Isa abbootiin keenya sammudhaan qabatani nutti dabarsan kana nuti ammoo teknolojiitti fayyadamnee dhalootatti dabarsuufi addunyaatti beeksisuun nurra jira.

Ummata eenyummaa qabutu abbaa biyyaa ta'a waan ta'ef eenyummaa keenya waliin haa beeksifannu. Dhumarratti ummanni Oromoo biyya keessaafi alaatiin бага Ayyaana Irreechaatiin nagaan isin ga'e, ayyaana nagaafi gammachuu isiniif haa tahuun jedha.

Irreechi Ayyaana...

Oromoon tokko ta'us akkuma lakkuun tokko uffata garaagaraa uffatu Oromoon godinoota garaagaraa aadaa uffannaa garaagaraa qaba waan ta'ef dirree wal argaa Oromoo kan ta'e ayyaana irreecharratti wal argee aadaasaa waliin addunyaatti mul'ifata.

Abbaan Gadaa Walloo Ahmad Mahaammad gamasaaniitiin akka jedhanitti, Wallootti irreechi sirnoota darbaniin akka badu taasifamaa turus ijji baddu iddoo ijaa hin baddu akkuma jedhamu dhiibbaa taasifamaa ture dandamatee har'a gaheera.

Mootummaa jijjiiramaa boodammoo Aanaalee godina Addaa Saba Oromoo hunda keessatti bifa hoo'aa ta'een kabajamaa jira. Gara fuulduraatti ammoo guutummaan Walloo seenaa keessatti itti irreeffachaa ture "Caffee Aartutti" Ayyaana irreecha kabajuuf hojjetamaa jira.

Haati Siinqee Arsii Nuuree Wanfar-Waaqoos gamasaaniitiin akka jedhanitti, Hawwan siinqee gara malkaa osoo hin deemini manaafi ollaasaaniitii jalqabani namootni gadoo qaban akka akka walii dhiisan taasisu.

Hawwan Siinqee daraaraa keelloo, Siinqee, okolee, caaccuu, calleefi meeshalee Oromoo biratti ulfoo ta'an kanneen biroo qabatani faaruu faarsa gara malkaa irreechatti imalu. Yeroo irreechaatiin alattis yeroo hongeen uumame, yeroo dhukkubni hamaan hawaasarratti mul'ate, akkasumas yeroo waraanaa meeshaaleen kanneen qabatani malkaa deemuun Waaqa kadhatu.

Waggoota kudhanii oliif Finfinnee naannawaa Mujjaa(Shiroo Meedaatti) hojii dizzaayiniifi gurgurtaa uffata aadaa Oromoo hojjechaa kan turan ta'uu himanii; hojii kanaan namoota shaniif carraa hojii kan uumaniifi jiruufi jireenyasaanii foyyeffachaa kan jiran ta'uu ibsaniiru.

Mootummaa jijjiiramaa dura naannawa Muujjaatti hojii uffata aadaa Oromoorratti bobba'uusaaniirraa kan ka'e dhiibbaan isaaniratti taasifamaa kan ture ta'uu yaadachiisani; yeroo amma dhibban jiraachuu baatus qixa barbaadamuun hojicha hojjechuf dhaabbileen uffata aadaarratti bobba'an mootummaarraa deeggarsa barbaadu jedhaniiru.

Dhaabbileen kanneen galiisaanii dabaluu qofa osoo hin taane sabaaf hojjetu waan ta'ef, mootummaan walitti hidhamiinsa gabaafi jajaabeessituwwan garaagaraan akka isaan jajjabeessu dhaamsasaanii dabarsaniiru.

Haaluma aalfakkaatuun Haati qabeenyaa Kakuu Dizaayinar Kakuu Taammiruu akka jedhanitti, uffanni aadaa Oromoo bal'inaan ammayyoomee hojjetamaa jirus, baay'ina uffata aadaa Oromoon qabu waliin yoommuu ilaalamu uffannaawwan godinoota Oromiyaa hunda ibsan qopheessuun gabaaf dhiyeessuudhaaf ammallee waan baay'etu hafa.

Uffata aadaa gara gabaa alaatti karaa

Irreechaafi uffannaa aadaa...



Obbo Lammii Guddataa

tajaajila Poostaa Itoophiyaa ergaa kan jiran ta'uu himanii; yommuu karaa tajaajilichaa uffata alatti ergan kaffaltii guddaa waan gaafatamaniif mootummaan rakkoo namoota hojicharratti bobba'an ilaaluun deeggarsa barbaachisu akka taasisuuf Aadde Kakuun waamicha



Aadde Kakuu Taammiruu

dhiyeessaniiru.

Haaluma walfakkaatuun Finfinnee keessatti beekkamtiifi gabaan nyaata Aadaa Oromoos yeroodhaa gara yerootti dabalaa kan jiran ta'uu namootni daldalasaarratti bobba'an ibsaniiru.

Maxxansa Addaa

Gumaata Irreechaa gama hoteelaafi turizimiin

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Irreechi ayyaana guddaa ummataa miliyoonaan lakkaa'amuun kabajamudha. Firootni sababa guutuu lageeniifi dukkana gannaan adda citanii turan booqa birraa wal iyyaafatu waan ta'eef kabajni ayyaanichaa namoota sababa taatee gannaaf adda citanii turan osoo hin taane sababa jiruufi jireenyaaf biyyarraa fagaatan hunda walitti fiduuf uuman guddaa qaba. Lammiileen biyya hambaa jiraatan hedduun irreecha sababeeffachuun gara biyyaatti dhufu. Gama biroon ammoo irreechi Oromoo qofa osoo hin taane sabootaafi sablammoota haalaan walitti fidaa jira. Ammaan tana jilli sabootaafi sablammoota garaagaraa bakka bu'an waggaa waggaa kabaja ayyaanicharratti hirmaannaa ho'aa taasisaa jiru. Biyyoota addunyaa garaagaraarraas namootni kabaja ayyaana Irreecharratti hirmaatan yeroodhaa gara yerootti kabaja ayyaanichaa waliin guddachaafi dabalaa jiru.

Gaazexaan Bariisaas Magaalaa Bishooftuutti hoteelotaafi riizoortiiwwan keessummoota ayyaanichaa haala kamiin simachuuf qophii taasisaa akka jiran Gaggeesitoota Hojii Riizoortii Aduulaalaafi Hoteelaafi Rizoortii Nooraa haasofsiiseera. Manaajjerri Hoteelaafi Rizoortii Nooraa Aadde Maahidar Aferraa akka jedhanitti, hoteellisaniin haaraa ta'usaan sagantaa of beeksisuuf taasisu keessatti kabaja ayyaana Irreechaa akka carraa addaatti itti fayyadamuuf qopha'aa jira. Keessummoota Irreechaa gara hoteelichaa dhaqan nyaataafi dhugaatii aadaa osoo hin hafin haala duudhaa Oromoon keessummeessuuf qophii hunda taasisaa jira.

Hoteelli Nooraa haaraa waan ta'eef of beeksisuuf jecha gatii hoteelota biroorraa gadaanaa ta'een nyaata aadaafi ammayyaa dhiyeessaa waan jiruuf keessummoota irreechaas haaluma sanaan kan keessummeessudha. Hoteelicha wanti adda taasisuu abbaan hoteelichaa maallaqaa xiqqaafi jireenya gadaanaarraa ka'uun har'a tajaajila hoteelaa sadarkaasaa eeggatee lammiileef kennuun alatti hawaasa naannawichaa 500 ta'aniif carraa hojii dhaabbiifi yeroo uumuusaati. Hojii fakkeenyummaa qabu kanaanis sadarkaa naannoofi federaalaatti galateeffatameera. Ammaan tanas Abbaan Hoteelichaa Obbo Shawaaneen rizoortii sadarkaasaa eegeefi namoota dabalataaf carraa hojii uumu danda'u ijaaraa jira. Kun ammoo ummata Magaalaa Bishooftuufis ta'ee akka biyyaatti gammachuufi abdi guddaa ta'uu Aadde Maahidar ibsaniiru.

Abbaan hoteela kanaa sektara industirii hoteelaarratti qacamee hojjetaa turuun boodarra gara abbaa qabeenyummaatti haala itti ce'ee hojjetootasaaf muuxannoo qooduun akka hojii uummatan onnachiisaa jira. Har'as hojjetootasaa qixa hojii hundarratti hirmaatee waan hojjetuuf jaalalaafi kaka'umsi hojii hojjetoota gidduu jirus akka biyyaattuu fakkeenya gaarii ta'uu yaadachiisaniiru.

Manaajjerri Rizoortii Aduulaala Obbo Fantaahuun Nuwaay gamasaaniin akka jedhanitti, Bishooftuun duruu magaalaa turizimii taatus kabajni ayyaana irreechaa akka carraa addaatti ilaalama. Kabajni ayyaana Irreechaa Rizoortii Aduulaalaafi Magaalaa Bishooftuu qofa osoo hin taane akka biyyaattuu faayidaa hawaasummaafi dinagdee guddaa qabatee as dhufa. Rizoortii Aduulaala namni kamuu akka beeku durumayyuu tajaajila aadaa Oromoo giddu galeeffate kennuun beekama.



Hoteelaafi Rizoortii Nooraa



Rizoortii Aduulaala

Rizoortichi maamiltota hedduu keessummeessuun beekama jedhanii; Kabaja ayyaana Irreechaa bara kanaa ilaalchisee keessummoota simachuuf qophiin gahaan taasifameera. Nyaataafi dhugaatii aadaa akkasumas ammayyaa dhiyeessuun cinatti sagantaa bashannanaafis haaldureen xumurameera.

Oromoo qofa osoo hin taane guutuu biyyattii sadarkaa jedhamuun namootni sabaafi sablammoota bakka bu'an hedduun kabaja ayyaanicharratti argamu. Namni kabaja ayyaanicharratti argamu hundi waan nyaatamuufi dhugamu argachuuf jecha maallaqa baasu qaba. Kun ammoo Rizoortii Aduulaala dabalatee dammaqiinsa hoteelaafi turizimii magaalattiif carraa guddaa ta'uus Obbo Fantaahuun ibsaniiru.

Koomishiniin Turizimii Oromiyaa gamasaatiin kabaja ayyaana irreechaa baranaarratti keessummoota biyyoota Afriikaa garaagaraarraa dhufan simachuurratti ko'oommataa jiraachuu ibseera. Kabaja ayyaanichaa sababeeffachuun agarsiisa uffataa, nyaataafi meeshaalee aadaa Oromoo magaalaa Finfinneetti adeemsiseera.

Hogganaa Ittaanaan Koomishinii Turizimii Oromiyaa Obbo Daawud Muummee akka jedhanitti, Guyyaan Turizimii addunyaa baranaa "Turizimiifi Nageenya" mata duree jedhamuun kabajame. Irreechis sagantaa nageenyaafi waaqa galateeffannaa waan ta'eef madda turizimiiti. Irreechi Oromiyaan alatti naannolee Beenishaangul Gumuziifi

Gaambeellaatti ni kabajama. Itoophiyaan alattis Keeniyaa dabalatee biyyoota addunyaa garaagaraa keessatti kabajamuun hawwata turizimii ta'aa jira.

Sadarkaa Afriikaatti irreecha hirmaachuuf biyyoota Botosuwaana, Burundii, Keeniyaa, Ruwaandaafi kanneen biroos dhufaniiru. Jilli dhufan kunneen biyyaafi aadaa Oromoo beeksisu keessatti shoora guddaa gumaacha. Irreecha caalaatti madda hawwata turizimii taasisuuf Giddugalli agarsiisaa aadaa, nyaataa, dhugaatii, uffannaafi meeshaalee aadaa Oromoo sadarkaasaa eege magaalaa Finfinneetti ijaaruun barbaachisaadha. Akkuma biyyoota Afriikaa tokko tokko nyaatni aadaa Oromoo orgaanikii ta'e Irreecharratti dhiyeessuuf haalaan irratti hojjechuun barbaachisaadha. Namni aadaa Oromoo barachuufi hubachuu dhufu altokkotti duudhaalee gaarii hammaarratee addunyaa akka beeksisu xiyyeeffannaa addaan irratti hojjechuun yeroonsaa amma.

Keessattuu uffatni aadaa Oromoo garaagaraa osoo aadaa sabichaa gad hin lakkisin bifa ammayyaan dhiyaatu miidhaginaafi hawwata turizimii keessatti akka carraa addaatti itti fayyadamuun murteessaadha. Gadaan 'UNESCO'tti akka galmaa'uuf utubaalee ciccimoo ka'umsa ta'an keessaa irreechi isa tokkodha. Akkuma Fiichee Cambalaalaa irreecha 'UNESCO'tti galmeessuun madda turizimii sadarkaa idil addunyaa taasisuuf qaamoleen dhimmi ilaallatu sadarkaan jiran hundi tumsa taasisuutu isaanirraa eegamas



Aadde Maahidar Aferraa

jedhaniiru.

Finfinneenis keessummoota kabaja Irreecha hora Finfinnee simachuuf haala adda ta'een misooma kooriidariin faayamtee jirti. Agarsiisa aadaa Oromoon jala bultii irreechaa miidhagsitee ummatasheefis hubannoo kennaa jirti. Itoophiyaanota dabalatee hawaasa idil addunyaa kabaja ayyaana irreechaa hirmaachuu dhufan harka bal'istee simachaa jirti. Hoteelotaafi manneen daldalaashees maallaqa kabaja ayyaanichaan walqabatee dhufu tajaajila kennuun ofitti jallisuuf sochii taasisaa jiru. Magaalaa misooma kooriidariin faayamte kana caalaatti hawwattuu taasisuuf qulqullinni magaalatti hawaasa magaalatti hirmaachise raawwatameera. Haala keessummaa simachuufi nageenya irreecharratti hawaasa magaalattii kutaalee magaalatti hunda keessa jiraatu waliin mariin taasisameera. Fooramiin irreechaa hayyoota, sabaafi sablammoota hirmaachise adeemsifameera.

Maxxansa Addaa

Ispoortii

BARIISAA

Tashoomaa Qadiidaatiin



Irreecha ispoortii walootiin

Finfinnee: Ayyaana Irreechaa Hora Finfinnee sababeeffachuun sochiin ispoortii hawaasaa magaalaa Finfinneetti gaggeeffame.

Saganticharrattis ergaawwan adda adda darbanii. Ayyaanni Irreechaa mul'ata tokkummaan hawaasni hundi, dargaggeessi, maanguddoon, da'imman ykn ga'eessi, amantiis ta'e siyaasaan osoo

adda wal hinbaasiin waliin kabajuudha.

Hogganaan Biiroo Dargaggootaafi Ispoortii Naannoo Oromiyaa Maatiyoos Sobbooqaa, Irreechi kabaja tokkummaa, waloomaa, obbolummaa ta'uu ibsuun, ayyaanicha bifa bareedaafi ifa ta'een kabajamaa jiraachuu ibsaniiru.

Ayyaana Irreechaa sababeeffachuun

sochii qaamaafi deemsi hunda hirmachise adeemsifamuus eeranii; fayyaa hawaasaa eegsisuu qofa osoo hintaane, ayyaana Irreechaa addunyaatti beeksisuuf kan gargaaru ta'uu ibsaniiru.

Saganticharratti hogganaan Biiroo Dargaggootaafi Ispoortii Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee Obbo Balaay Dajan sochiin ispoortii hundaa kun Irreechi

hundaan kan kabajamu ta'uu agarsiisuuf gaggeeffamuu eeraniiru.

Sagantaa sochii qaamaafi deemsa miilaa ayyaana Irreechaa sababeeffachuun gaggeeffame keessatti dargaggoonni, maatiin ispoortiifi dargaggoonni magaalota ollaa Finfinneerraa dhufan, hoggantoota olaanaa magaalaa naannoo Oromiyaa dabalatee hirraatanii.

Ayyaana Irreechaa sababeeffachuudhaan dorgommiin kubbaa miilaa adeemsifame

Bishooftuu: Ayyaanicha sababeeffachuun Kutaa Magaalaa Calalaqaatti hoggantoonni Magaalaa Bishooftuu Hoggantoota Yuunivarsitii Raayyaa Ittisa Biyyaa waliin kubbaa miilaa michoomaa taphatan.

Dirree Yuunivarsitii Raayyaa Ittisa Biyyaatti Jala Bultii Ayyaana Irreechaa sababeeffachuudhaan Hoggantoonni Magaalaa Bishooftuufi Hoggantoonni Yuunivarsitii Raayyaa Ittisa Biyyaa waliin kubbaa miilla taphachuun 2-0n gootichi Raayyaan Ittisa Biyyaa Bishooftuu mo'ateera.

Oduudhuma walqabateen, Ayyaana Irreechaa sababeeffachuudhaan Kutaa Magaalaa Koyyee Faceetti dorgommii kubbaa saaphanaa Hoggantoota Kutaa Magaalaa Hoggantoota Aanaalee, Hoggantoota Jaarmiyaalee Dargaggootaafi gareewwan kubbaa saaphanaa dorgommii michoomaa waliin taphachuusaanii odeffannoon Biiroo Dargaggoofi Ispoortii argame ni addeessa.

